



Full Length Research Paper

## Xiinxala Dhiibbaa Ammayyummaan Safuu Oromooon Kabaja Namaafi Uffannaaf Qabu Irratti Geessisu: Magaalaa Amboorratti Kan Xiyyeffate

Gaaddisee Amsaaluu<sup>1</sup>, Fiqaaduu Bayyissaa<sup>1\*</sup>

<sup>1</sup>Ambo University Department of Afaan Oromoo and Literature Lecturer

Submission Date: February 08, 2021

Acceptance Date: June 20, 2021

### Axereeraa

*Qorannoon kun dhiibbaa hammayyummaan Safuu Oromooon kabaja namaafi uffannaaf qabu Oromo magaalaa Amboo irratti xiyyeffachuun qoratame. Kaayyoo qorannichaahaa fiixaan baasuuf, mala qorannoo akkamtaa hojiirra oolee jira. Ragaan qorannichaaf barbaachisu madda ragaa tokkoffaa irraa kan walitti qabame yoo ta'u, isaanis jaarsolii biyyaa, hojjattoota waajira aadaafi turiizimii aanichaa, miseensota Afooshaa Maaddii Marmee, namoota uffata aadaa dhahan/ hojjataniifi namoota mana uffata aadaa magaalaa Amboo keessa jiran keessa hojjatan kanneen qomoon Oromo ta'an turan. Maddoonti ragaa kunnin tooftaa akkayyoofi darbaa dabarsaan filtaman. Meeshaalee funaansa ragaa qorannoo kanaaf funaantuuf dhimma itti ba'ames daawwanna, afgaaffifi marii garee turan. Ragaa funaanames malleen akkamtaa keessa mala addeessaafi hiikuutiin xiinxalame. Akka ragaa xiinxalame mul'isutti safuu Oromoona namaafi uffannaaf qabu kan durii caalaa kan yeroo ammaa gadi bu'aa kan ta'eefi sababni jijiirama kana guddina saaynsiifi teekimooloojiin walqabatee ammayyummaa dhufe, siyaasa, amantaa, walitti hidhatinsa addunyaafi sabaahimalee garaagaraati. Keessummaa guddina saayinsiifi teekinooloojiin walqabatamee ammayyummaa yookiin qaroomina waanti jedhu hubannoo sirrii dargaggooni aadaa isaanirratti qaban dhabuun dhiibbaa akka malee safuu uummanni Oromo namaafi uffannaaf qabu irraan ga'eera. Argannoowwan kana irratti hundaa'uun, yaadhi furmaataa kaa'amee jira. Kanneen keessaas, safuu manaa waan jalqabamuuf maatiin ijoollee isaanii akka safuu beekaniifi eegan/qaroomun of ta'uufi kan ofii fooyyessuu akka ta'e Gorsuufi barsiisuu akka qaban, waajirri aadaafi tuuriziimii maatiif hubannoo kennuu qabu. Akkasumas, hayyooniifi beektonni safuu uummanni Oromo qabu fakkeenyaa ta'anii agarsiisuuun cinaatti dhimmaa kana bal'inaan qorachuu qabu. Safuu uummata Oromo kun dhiibbaa ammayyummaa irraan ka'e baddaa kan jiru waan ta'eef. safuu ummanni Oromo qabu barsiisuuuf gola seenaa ol kaa'uun barbaachisaadha. Kanaaf, calaqeen uummata Oromo afoolaan darbaa dhufe barreefamaan ol kaa'amuu qaba.*

**Jechoota Ijoo:** Dhiibbaa, hammayyummaa, nama, safuu, uiffata aadaa, uumama

---

\* Corresponding author, PhD Candidate

## Abstract

*This study was conducted to investigate the impact of modernization on Oromoo norm in respecting human beings and its culture of dressing: Ambo town in focus. To attain the objectives of the study, qualitative research design was employed. In collecting data for the study, primary source was used. Elders, Abbaa Gadaas, Ambo town culture and tourism office workers. Weavers (who produce traditional clothes), 'Afooshaa Maaddii Harmee 'members who are from Oromoo ethnic group and individuals who work in cultural clothes shops in Ambo town were the sources of the data. These sources were selected using purposive and snow ball sampling techniques. The data obtained from the sources were analyzed using descriptive method analysis. The overall result of the study showed that the Oromoo norm that respects human beings and its cultural dressing is getting drastically decline when compared with earlier times. As the findings of this study reveal, these changes occurred as a result of modernization, politics, religion, globalization, and media and over all life style changes. Therefore, this study suggests that family's needs to educate their children to respect the norm of Oromoo society on one hand and the concerned body, particularly, Ambo town culture and tourism office should conduct further study on the issue to maintain society's values to educate the youth for sustainability of the norm and culture of the Oromoo society on the other hand.*

**Key words:** Impact, modernization, human, norm, cultural cloth, nature

### 1. Seensa

#### 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Uummanni Oromoo uummattoota Itoophiyaa keessaa kan aadaa, seenaa, duudhaa, amantiifi dhugeeffannoo mataa isaa qabu ta'ee saba bal'aa Afaan namoota hedduun dubbatamu kan qabudha. Mallatoo eenyummaa saba Oromoo kanneen ibsaaniifi kan falaasama isaa calaqqisiisuu baay'ee yoo ta'an, isaan keessaa ammoo, aadaan bakka guddaa qaba. Yaaduma kana ilaachisee Dirribiin (2009, f. 16) yoo ibsu, "Uummanni Oromoo wantoota ittiin beekamu keessaa aadaafii amantaan isaa iddo guddaa qaba" jedha. Aadaan hawaasa Oromoo bal'aa akkuma ta'e tajaajilliifi hiikaan aadaa saba kana biratti qabanis,nibal'ata. Itti dabaluun Looreet Tsaggaayee (1982, f. 23) wabeeffachuuun Warquun (2001, f. 3) aadaa yoo ibsu, "Aadaan mallatoo eenyummaa (Identity) saba tokkooti.Dhiigni nama keessatti akkuma lubbuu umu, aadaan immoo saba keessatti lubbuu uuma. Namni dhiiga hinqabne akkuma du'u, sabni aadaa hinqabne addunyaaa kanarraa nibada" jechuun ibsa.

Yaadni armaan olii akkuma ibsu aadaan mallatoo eenyummaa, burqaa qaroominaafi tokkummaa saba tokko kan ibsuu ta'ee, hawaasniifi aadaan kan addaan hinbaane taa'u isaati.Akkasumas, Aadaan sochii jiruufi jirenya saba tokko kan ibsuufi haala hawaasni tokko itti waliin jiraatu ibsuu kan danda'udha.Aadaan calaqee jiruufi jirenyaa, dinagdeefi hawaasummaa, qaroomina uummataati.Kana jechuun kan uummanni tokko akkaataa uffanna,sirna fuudhaafi heerumaa, sirna gaddaa, sirna kabaja ayyaanotaafi sirbaa, haala waliin jirenya maatii, ollaafi fira, nyaataafi dhugaatii, hojii, taphootaafi kan kana fakkaatanitti addaan qoodamuu danda'a (Ashannaafii, 2019, f. 2).

Wantoota aadaan ofkeessatti qabatu keessaa safuun isa tokkodha. Safuun immoo jirenya nama dhuunfaa hanga garee bal'aatti kan mul'atudha. Kana malees, safuun waan hawaasni ofiif uummatee ofumaaf ittiin jiraatuufi tikfatuudha. Yaada kana Tilahun (1989, f. 511) yoo

ibsu, “Safuu refers to expression of astonishment, fear, pit, shame etc,” jedha. Kana jechuun, safuun waan hawaasni tokko kabaju, osoo itti hinbu’iin, hindabsiin yookiin hincabsiin ittiin jiraatuudha. Safuu cabsuun qaaniidha yookiin salphina. Kunis Oromoorn Safuu osoo hincabsiin yeroo dheeraadhaaf kabajee jiraachaa turuu isaa mul’isa. Hawaasa Oromoo biratti qabeenyi uumamaallee karaa safuu eegeen dhimma itti ba’ama. Dhimma kana Maammoo (2018, f. 107) yoo ibsu, “Oromoorn uumaa Waaqaa hunda haala malee miidhuun yakka ilma namaatti hintolle ta’uu beekuudhaan safuu biqilootaas eeggachaa tureeraa,” jedha.

Safuun seera namaan hintumamne, seera waaqaa lafaa, waan hawaasni cubbuudha jedhee amanuun irraa of quSATUDHA. Dhimma kana Dirribiin, (2016, f. 65) akka itti aanuun ibsa,

Safuun waa hedduu of keessaa qaba. Safuun seera Waaqaa lafaati. Safuu eeguun seera. Seerri hundi garuu safuu miti. Seerri namaan tumama, niba’a, nijiga. Safuun garuu hintumamu; hinbahus; hinbu’us. Safuun seera uumamaati. Safuu eeguunimmoo dirqama jirenyaati. Yoo safuu cabsan cubbuu hojjetu; cubbuu hojjechuun ammoo nagaa namootaafi hawaasaa booresuudha.

Yaada kana irraa akka hubannutti safuu eeguun dirqama jirenya waan ta’eef hawaasni safuu isaa osoo hincabsiin eeggannoobarbaachisaa ta’ee taasisuun kan filannoohinqabne dirqama uumaan namatti kenne ta’uu isaati.

Sabni tokko dinagdeedhaan yommuu guddatu, siyaasaan yommuu qaroomu, akkasumas, kanneen guddina irra jiraniifi duubatti hafoo jedhaman hundi aadaa keessa turanifi itti jiraataa jiranakkuma sadarkaa guddina isaaniitti guddifachaafi fooyyeeffachaa adeemu malee tuffatanii waan gatan hinqaban. Aadaan qabeenya guddaafi duudhaa dhaloota irraa dhalootaan dhaalamuufi seenaa uummataa gabbisaa adeemudha (Ashannaafii, 2019, f. 2).

Ummanni Oromoos aadaan inni akka sabaatti waliin qabuufi akka gosaatti naannawaasaatti qabu danuudha. Sababoota heedduun dagatamaa haa dhufu malee kanneen duudhaa durii qabatanii tursiifatan baay’eedha. Dhaloonni ammaa aadaa dagatameefi balaaleffatamaa turan qorachuudhaan mul’isuufi kanneen jiran immoo kunuunfatanii dagaagfachuun dirqama isaanirraa eegamudha. Qaroominniifi guddinni uummataa maddi isaa aadaa isaati. Kanaaf, aadaa qaban dhiisanii kan bira ergifachuu ifaajuudhaan qaroomuufi guddachuun hindandaa’amu. Kunis, eenyummaa ofi gatanii kan hambar liqinfamuun aadaa dhabeessa ta’uun garbummaadhaaf nama saaxila(Ashannaafii, 2019, f. 2).

Ammayyummaan jijiirama wal xaxaa yeroo hundumaa kallattii jijiirama hawaasa jirenya amma keessa jiru irraa gara addunyaa tokkoomee (Globalized)fi dimookiraataawaa ta’eetti taasifamudha. Divale and Seda (2001, p. 24) ammayyummaa yoo ibsan “Modernization is defined as a change from traditional customs and behaviors to ones that are forcibly or voluntarily borrowed from a dominant society that results in changes in the behavior and world view of its people,” jedha. Waraabbiin kun kan agarsiisu, ammayyummaan jijiirama duudhaafi amala amma keessa jiru irraa fedhiin yookiin fedhii malee gara amalaafi ilaalcha hawaasa jirenya olaanaa qabaniitti jijiiruudha. Ammayyummaan karaa babal’ina warshaalee, magaalaa, karaa teknolojii, warraaqsa diimokiraasii, guddina dinagdee, sirna babal’ina gabaa bilisaa(abbaa qabbenyummaa), miidiyaalee hawwaasaa, hubannoo

uumamaa, calaqqeewan namummaa,barnootaafi babal'ina sochii namootaa, walitti hidhatinsa addunyaa, walitti hidhatinsa dhala namaa, akka malee addunyaa kana irratti dagaagaa dhufuu isaa argina (Divale and Seda, 2001). Yaada hayyootaa bu'uura godhachuu ammayyummaan akka qorannoo kanaatti jijiirama jirenyaa (change in life style) kan yeroon fide ofitti madaksuun itti jiraachuu, jechuunis yommuu namni aadaa, duudhaa, safuu, haala jiruufi jreenya isaa jijiirama yeroo gara yerootti sababa kamiinuu dhufe waliin deemuuf suutaan ofitti madaqfatee itti jiraatu jechuudha.

Haa ta'u malee, ammayyummaan akkuma bu'aa guddaa qabu, miidhaan inni fidus akkanuma bal'aa ta'uu hayyooni ni eeru. Fakkeenyaaf, Giddens (2005) akka ibsutti, ammayyummaan bu'aa guddaa qabaatus, akkanuma miidhaa daangaa hinqabne qabaachuu isaa illee dagachuu akka hinqabne akeekkachiisa. Akka qorataan kun ibsutti bu'aaniifi miidhaan ammayyummaa hawaasa irratti mul'atu haalaan ilaalamuu qaba jedha. Innis jirenya hawaasni ammayyaa agarsiisuu keessatti kan mul'atu waan ta'eef dhimma xiyyeffannoo argachuu qabudha.

Feldman and Hurn (1966) yaada kana akka ibsanitti, hawaasni hinammayyoomne bu'aa saayinsaawaa hawaasa ammayyoomee irraa argamurraa ergifachuudhaan jirenya isaanii guyyaa guyyaa keessatti hojii irra oolchu. Beekumsa saayinsii warra hammayyoomee keessattuu, warra dhihaa irraa argame kana hojiirra olchuun kun ammoo jijiirama aadaafi safuu geessisa jechuudha. Yaada kana cimsuun, Bal (2000) akka jedhutti, yeroo ammaa jireenyi hawaasaa baay'inaan jijiiramaafi aadaa hawaasa ammayyaa'ee offitti fudhaachaafi aadaa isaanii liqeffachaa jira. Haaluma kanaan sirna maatii, caasaa aadaa, sirna amantiifi jijiirama qabiyyee duudhaa sababa seerota idilee addunyaafi adeemsa isaaniitiin nijijiira jechuudha. Sababoota jijiiraama aadaafi hawaasummaa hawaasaa keessaa tokko karaa namoonni dhuunfaan qajeelfama addunyaa ammayyome ofitti madaqfataniin dhufa jechuudha. Namni tokko yemmuu adeemsa ammayyummaa jalqabu bu'aa yeroodhuma sana argatu malee miidhaa inni hawaasa isaa irraan ga'u hinhubatu.Kun immoo jijiirama duudhaafi aadaa hawaasni duraan qabu irratti dhiibbaa geessisa.Sababa kanaaf, duudhaafi aadaa hawaasni duraan qabu irratti qorannoo geggeessuun barbaachisaa waan ta'eef,qorannoon kunis dhiibbaa ammayyumaan safuu uummanni Oromoo namaafi aadaa uffannaaf qabu irratti xiyyeffachuu kan geggeeffamedha.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Uummanni Oromoo dhimmoota jiruufi jirenya keessatti raawwataniifi uumama lafa kana irra jiraatan maraaf kabajaafi ulfina mataa isaanii qabu.Dhimmii raawwatu kamiyuu akkafeeteen hinraawwatu; sodaafi kabajaa uumaa qaba. Uummata Oromoo biratti jirenyi addunyaa kanaa safuudhaan kan eegamuudha. Haa ta'u malee, duudhaa boonsaan kun waggoota dheeraan dura eegalee dhiibbaan siyaasaa, amantii, guddina saayinsiifi teekinooleejii ammayyummaafi jijiirama hawaasummaatiin hordofamu irra ga'aa jira.Keesuumaayyuu, dhiibbaan ammayyummaa irraa maddu daraan hammaachaa jiraachuu isaa jirenya guyyaa guyyaa irraa hubachuun nidandaa'ama. Hammayyummaan hawaasummaafi aadaa irratti jijiirama dhaabbii hinqabne geessisuu bira darbee duudhaalee barbaachisoo hawaasni duraan itti fayyadamaa turan haalaan miidhaa jira.Kanas hayyooni garaagaraa bu'aa qorannoo isaaniitiin akka armaan gadiitti kaa'aniiru.

Fakkeenyaaaf, Wachege (2017), yaada kana Ime & Unwanabong, (2014) wabeeffachuun akka armaan gadiitti barreesseera.

Today the effects of modernization are being blamed for the moral crisis the society is currently facing. A core argument has been modernization effect produces pervasive social and cultural consequences and affects how values are being taught to and perceived by the society. Over the years rapidly changing social and cultural circumstances caused by modernization have adversely affected what and how values are passed down to the children. (2017, p. 691)

Yaada armaan olii irraa kan hubatamu yeroo ammaa kana hammayyummaan miidhaa cimaa cabinsa safuu irraan ga'uun baay'ee kan komatamu ta'uu isaafi ilaalcha hawaasni safuuf qabu jijiiraa jiraachuu bira darbee akkaataa itti aadaaniif safuun dhalootaa dhalootatti darbu miidhaa jiraachuu isaati. Kanneen keessaa aadaa uffannaafi kabaja namaaf kennamaa ture irrattis miidhaa akka geessisuu danda'u ifa galaa akka ta'e himmamsiisu.

Abanya (2013), mata duree "The Effects of Western Technology on African Cultural Values" jedhu irratti qorannoo geggeesseen teknoolojiin biyyoota dhihaa dargaggoota amala dargaggummaaf, uffata hinmalleef, al naamusummaaf saaxiluufi safuu isaaniitiif ilaalcha gadhee horachuu irratti fiduusaa agarsiisee jira.

Dabalataan Patrich (2017), mata duree "Effects of Modernization on Youths' Morality" jedhu irratti qorannoo geggeesseen karaa miidiya hawaasaafi guddina magaalaa duudhaan hawaasaa karaa himmalleen akka miidhameefi hawaasni duudhaa duratti qabu akka gatu taasisseera jechuun ibsa. Kana malees, Adeyi (2015) gama isaatiin mata duree "Perspectives on the Impact of Modern Society on the Indigenous/Traditional Society of Nigeria" jedhu irratti qorannoo geggeesseen akka ibsutti aadaa, safuufi duudhaan Naayijeeriyanotaa tursiisuuf yaalamullee, karaa hammayyummaafi walitti hidhatinsa addunyaatiin miidhameera jechuun ibsa. Itti dabalees, Muhammadiifi kaawwan (2015) "Impact of Modernization and Changing Traditional Values of Rural Setup in District Khushab" jedhu irratti qorannoo gegeessan irraa akka hubannutti sirni maatii baay'ee hammayyummaan miidhamuu isaati.

Daniel (2014) ammoo qorannoo dhiibbaa walitti hidhatinsa addunya hawaas dinagdeefi aadaa irratti qabu qorateen argannoo isaa keessatti aadaa biyyoota dhihaa yookiin Ameerikaa ofitti fudhachuun adeemsa eenyummaafi namummaa malee hafuuti jedha. Maduagwu (2003) gama isaan, miidhaa walitti hidhatinsi addunya aadaa irratti qabu muuxannoo sirna kolonii irraa jedhuun qorannoo geggeesseen akka jedhutti, biyyoonni Afrikaa carraa aadaa, seenaa, eenyummaa isaanii of danda'anii mul'isuufi dagaagsu hinarganne. Sakatta'a qorannoo barruwwanii gama Afaan Oromootiin godhame yommuu ilaallu kallattiin qorannoo kana kan fakkaatu hinjiru. Haa ta'u malee, kanneen itti dhiyaatan isaan armaan gadiiti.

Dabalataan Biqilaan (2016) Qaaccessa safuufi safeeffannaa uummata Oromoo godina Arsiifi Gujii jedhu digirii lammaffaa guuttachuuf Yuunivarsiitii Addisaabaatti hojjateen safuun uummata Oromoo bal'aa waan ta'eef bakka tokkotti dhiyaachuun waan ulfaatuuf, qorannoo isaa keessatti gabaabinumaan matadureewwan heedduu tuqamaniiru. Qorannoo kanas waanti

qorannoo kanaan adda taasisu dhiibbaa ammayyummaan safuu uummanni Oromoo namaafi uffannaaf qabu xiyyeffannaa keessa kan hingalchine ta'uu isaati.

Duulaafi kanneen biroo (2018) Xiinxala dhiibbaa walitti hidhatinsi addunyaa safuu Oromoo irratti qabu, akka Oromiyaa Lixaatti qorataniin walitti hidhatinsi addunyaa safuufi sona hawaasa Oromoo Lixaa irratti dhiibbaa geessisaa akka jiruufi dhalooni ammaa kun faayidaafi miidhaa, bu'aa teknoloojiifi walitti hidhatinsa addunyaa kana osoo adda baafatee hinhubatiin kan ofii gatee akkuma jirutti kan ormaa ofitti fudhatee akkeessuudhaan kan dhufedha. Qorannoo kanas waanti gargar godhu qorannoonaan isaanii xiyyeffannoo guddaa walitti hidhatinsa addunyaaf kan kennuu ta'uu isaati. Qorannoonaan kun garuu dhiibbaa hammayyummaan safuu Oromoonaan kabaja namaafi uffannaaf qabu irratti xiyyeffachuu kan hojjatamedha.

Bilisummaan (2019) qorannoo isaa Xiinxala safuu uummanni Oromoo namaaf qabu: godina addaa naannawaa Finfinnee bulchiinsa magaalaa Buraayyuu irratti kan xiyyeffate digirii lammaffaa guuttachuuf Yuunivarsiitii Ambootti geggeesseen, safuu uummanni Oromoo namaaf qabuuf xiyyeffannaa kenneera. Qorannoo kanas wanti qorannoo kanaan adda is taasisu dhiibbaa hammayyummaan safuu uummanni Oromoo namaaf qabu irra geessisu xiyyeffannoo keessa kan hingalchine ta'uu isaati. Qorannoonaan kun garuu dhiibbaa ammayyummaan safuu uummanni Oromoo namaafi uffannaaf qabu irratti geessisu xiyyeffachuu kan hojjetamedha.

Yaada hayyoota armaan olii kanarraa kan hubatamu, uummanni Oromoo uummata afaan, seenaa,aadaa, safuufi duudhaa mataa isaa qabu ta'ullee afaan, aadaa, safuufi duudhaa uummata Oromoo kana irratti qorannoonaan bal'aan kan hingeggeeffamne ta'uu isaati. Keessumaa afoolaafi safuu Oromoo irratti qorannoonaan gadifageenyaan hingeggeeffamne.Kanumaan walqabatee safuun uummatichaa dagatamaa dhufuun isaa ni eerama. Akkasumas qaroominni hammayyaa safuu Oromoo balleessuu keessatti humna jabeeffateera. Egaa safuun uummanni Oromoo qabu qorannoonaan bal'aan kan irratti hingeggeeffamnefi qaroomina ammayyaan walqabatee dhiibbaan irra gahaa tureefi gahaa jiru, aadaa miidhagaa kana quucarsuu irra darbee dhabamsiisuutti deemaa akka jiru olitti dhiyaateera. Qorannoonaan kun akka geggeeffamu kan honnatameef qorannoowwan aadaafi safuu hawaasa Oromoo irratti bal'inaan geggeeffaman jiraachuu dhabuu isaaniitiifi safuun Oromoo ganamaa dhiibbaa hammayyummaatiin miidhamaafi haala qabiyyee isaa ganamaa hir'isaa deemuudha. Haaluma kanaan qorannoonaan kunis gaaffilee armaan gadiitiif deebii kan kennedha.

1. Dhiibbaa hammayyummaan safuu Oromoonaan kabaja maanguddootaaf qabu irratti geessisu kan akkamii?
2. Dhiibbaa hammayyummaan Safuu Oromoonaan kabaja maatiif qabu irratti geessisu maali?
3. Safuu uummanni Oromoo gama koorniyaan qabu irratti dhiibbaa hammayyummaan geessisu maal fa'i?
4. Hammayyummaan dhiibbaa inni safuu Oromoonaan uffannaaf qabu iraatti geessisu maali?

### **1.3. Kaayyoo Qorannichaa**

Kaayyoon qorannoo kanaa kaayyoo gooroofi gooreetti qoqqoodamee akka armaan gadiitti dhiyaateera.

#### **1.3.1. Kaayyoo Gooroo**

Kaayyoon qorannoo kanaa inni guddaan dhiibbaa ammayyummaan safuu Oromoone kabaja namaafi uffannaaf qabu irratti geessisu xiinxaluudha.

#### **1.3.2. Kaayyoo Gooree**

Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa immoo kanneen armaan gadiitti tarreeffamanidha.

1. Hammayuummaan safuu Oromoone kabaja maanguddootaaf qabu akkamitti akka miidhu ibsuu;
2. Miidhaa hammayyummaan safuu uummanni Oromoo kabaja maatiif qabu irratti geessisu ibsuu;
3. Safuu uummanni Oromoo gama kabaja koorniyaan qabu irratti dhibbaa hammayyummaan geessisu ibsuu;
4. Miidhaa hammayyummaan safuu Oromoone uffannaaf qabu irratti geessisu ibsuu.

## **2. Sakatta'a Barruu**

### **2.1. Maalumma Aadaa**

Aadaan maal akka ta'e hiikuun ulfaataa akka ta'e hayyooni heddu irratti waliigalu. Fakkeenaaf, Lebron (2013) akka ibsetti, hayyooni Kroeber and Kluchohn(1952) jedhaman yaadirimeefi hiika aadaa gadifageenyaan sakatta'anii walitti qabanuun hiikawwan aadaa 164 walitti qabanii tarreessuu isaanii ibsee jira.

Yaada kanarraa aadaaf hiika hunda waliagalchu kennuun kan hidanda'amne ta'u hubachuun nidanda'ama. Ta'uus aadaan maal akka hammatu ibsuun nidanda'ama. Haaluma kanaan Lebron (2013, p. 1) Bodley (1999) wabeeffachuun aadaan waantoota bu'uuraa sadu hammachuu isaa yoo ibsu,"...three basics components of culture, namely: what people think, what they do, and the materials they produce," jedha. Yaada waraabbi kanarraa aadaan hawaasni tokko jirenya geggeessu keessatti, waan inni yaadu, hojjatuufi wantoota oomishu kan hammatu ta'uu hubachuun nidanda'ama. Kun immoo aadaan saba tokko saba biroo irraa adda baasee kan mul'isuufi maalummaa saba tokkoo kan ifa godhu mallaattoo eenyummaa saba tokkooti. Aadaan saba isaa ibsuu hindandeenyes hinjiru. Yaaduma kana deeggaruun Warquun (2001. f. 2) yoo ibsu "Aadaan hiikaifi yaada bal'aa kan ofkeessaa qabu ta'ee, jiruufi jirenya dhala namaa, maalummaa, beekumsa, dandeettii, seenaa, afaan, hojii, meeshaalee, amantii, duudhaa, safuu, aartii, miidhagina uffataa, nyaataafi kkf walumaa galatti mallattoofi eenyummaa uummata tokkoo kan ibsudha" jedha

Ashannaafiin (2019, f. 2) akka ibsutti, qaroominniifi guddinni uummataa maddi isaa aadaa qabanidha. Sabni tokko dinagdeedhaan yommuu guddatu, siyaasaan yommuu qaroomu, akkasumas kanneen guddina irra jiraniifi duubatti hafuu jedhaman hundi aadaa keessa turaniifi itti jiraataa jiranakkuma sadarkaa guddina isaaniitti guddifachaafi fooyyeeffachaa adeemu malee tuffatanii waan gatan hinqaban. Aadaan qabeeya guddaafi duudhaa dhaloota irraa dhalootaan dhaalamuufi seenaa uummataa gabbisaad ee mudha. Kanaaf, aadaa qaban dhiisanii kan biraa ergifachuuf ifaajuudhaan qaroomuufi guddachuun hindandaa'amu. Kunis, eenyummaa ofii gatanii kan hambaan liqinfamuu yoo ta'u aadaa dhabeessa ta'uun garbummaadhaaf nama saaxila jechuun ibsa.

Iteenash (2019, f. 27) qorannoo ishee keessatti akka ibsittu uummanni ofisaatii beekumsa gadifagoo dhabuun eenyummaafi aadaa isaa tuffachuun kan ormaa calaqisiisuun akka qaroominaatti fudhatee aadaa isaa irratti dhiibbaa hamaa geessisuudha. Yommuu akkasii dhiibbaa kanaan guutummaa guutuutti yoo baduu baatellee duudhaafi sona duraan qabu jijiiruun qabiyyee aadaan sun qabu balleessuu danda'a. Dhiibbaa keessaa ilaachisee Fileen (2016, f. 23) akka ibsutti "aadaafi duudhaalee uummata tokkoo babal'isuufis ta'e yeroo dheeraa itti fayyadamuu irratti ofitti amanamummaan hawaasichaa murteessaadha".

Ummanni Oromoos aadaan akka sabaatti waliin qabuufi akka gosaatti naannawaasaatti qabu danuudha. Sababoota heedduun dagatamaa haa dhufu malee kanneen duudhaa durii qabataniit tursiifatan baay'eetha. Dhaloonni ammaa aadaa dagatameefi balaaleffatamaa ture qorachuudhaan mul'isuufi kanneen jiran immoo kunuunfataniit dagaagfachuun dirqama isaanirraa eegamudha.

## **2.2. Maalummaa Safuu**

Safuu aadaa Oromoo keessatti ilaalcha namni uumaafi uumamaaf qabu kan ilaallatudha. Kana jechuun, ilmi nama lafa kana irratti uumama biroo waliin waldanda'ee, wal kabajee, akkaataa gaariin waliin jiraachuu danda'uu kan agarsiisu seera uumaa jechuudha. Hayyooni Oromoo qorannoo isaanii keessatti safuu madaala duudhaafi walitti dhufeenyaaifi wal irraa fageenya namaafi waaqa gidduu akkasumaas namaafi uumama gidduu jiru eeguudha jechuun hiiku (Jalata, 2007; Ta'a, 1980; Gemedchu, 1996).

Safuu seera uumaa kan jalqaba ture gara fulduraattis jiraatudha. Safuu seera hariiroo dhala namaafi dhala nama gidduu jiru, hariiroo dhala namaafi uumama gidduu jiruufi hariiroo waa hundaa kan feedhiifi seera waaqaa eeguudha. Kanaaf safuu seera yayyabe walitti dhufeenyaa uumaafi uumamaa qajeelchu, sirreeffamaafi naqato uumamaa tiksuu, eeguufi to'atudha (Dirribii, 2012, f. 64).

Safuu jirenya nama dhuunfaa hanga garee bal'aatti kan mul'atudha. Kana malees safuu waan hawaasni ofiif uummataa, ofumaaf ittiin jiraatu, itti jiraatuufi tikfatudha. Yaada kana Tilahun, (1989, p. 511) yoo ibsu, "Safuu refers to expression of astonishment, fear, pit, shame etc," jedha.

Kana jechuun, safuu waan hawaasni sun kabajuun, osoo itti hinbu'in, hindabsiin yookiin hincabsiin jiraatuudha. Safuu cabsuun qaaniidha yookiin salphina. Kunis Oromoos safuu

osoo hincabsiin yeroo dheeraadhaaf kabajee jiraachaa turuu isaa mul'isa.Qabeenyi uumamaalle karaa safuu eegeen dhimma itti ba'ama. Dhimma kana Maammoon (2018. F. 107) yoo ibsu, "Oromoont uumaa Waaqaa hunda haala malee miidhuun yakka ilma namaatti hintolle ta'uu beekuudhaan safuu biqilootaas eeggachaa tureeraa," jedha.

Maammoon (2010)fi Dirribii (2016) maalummaa safuu yoo ibsan: Akkaataan ittiin uumamni waldanda'anii, wal kabajanii hanga dandaa'ametti bakka walii kennanii waliin jiraatan safuu jedhama. Namni safuu beeku waan hunda beeka; waan hamaa irraa gora; waan tolaa hojjata; kabajaafi ulfina uumaafi uumama gidduu jiru beeka.Kana jechuun safuun seera waaqaa lafaa uumamni martuu waldanda'ee waliin jiraachuuti. Safuun seera uumaa yoo ta'u, seera namaan tumamu irraa adda kan taasisu akka seerota namaan tumamanii hinjigu, hinbadu, hinfooyya'u. Safuun seera uumaa kan dhala namaatiif laatame yommuu ta'u, safuu eeguun dirqama uumamaati.

Uummanni Oromoo uumaafi uumama hundaaf safuu gosoota addaa addaa qaba. Oromoont uumama lafa kanarra jiran maraaf kabaja guddaa qabaachuun qacceen isaanii akka itti fufaniif kunuunsa kan taasisudha. Oromoont uumaa waaqayyo uumeef kabaja guddaa qaba.Seera malee itti fayyadamee akka isaan manca'an hintaasisu.Safuunis uumamni kamuu akka hin mancaane nidhorka. Safuun seera hawaasni Oromoo ittiin walkabajee waliin jiraatu akkasumas, uumama biroo waliin osoo miidhaa wal irraan hinga'iin akka waliin jiraataniif karaa kan saaqudha. Safuun uumama hunda jidduu jiru kan ittiin eegamu seera uumaati (Dirribi, 2012, f. 68). Seerri kun yoo cabe walitti dhufeenyi uumama jidduu jiru rakkoo irratti kufa. Oromoont lafa Waaqayyo eebbissee warra biroo irraa adda taasisiie uume jedhee amanu nikabaja, nisafeeffata.Iyyasuufi Abarraan (2009, f. 7) malkaa yoo ibsan, "Oromoo biratti malkaan safuu qaba. Muummee burqaa bishaanii irratti hindhiqatamu.Muummee bishaanii irratti loonis ta'ee horii biroo itti naqanii hinboressan," jedhu. Yaada hayyoota kanarrraa akkuma hubannu Oromoont araddaalee garaagaraa nisafeeffata.Dirreewan garaagaraa, biqiltootaafi malkaawwaniif safuu akka kennanidha.

Haaluma kanaan bakkeewwan Oromoont safeeffatu keessaa: malkaa, tulluu, odaa, biqilootafi kkf isaan beekamoodha. Aadaa uummata Oromoont keessatti meeshaaleen aadaa safeeffataman akkasumas iddo olaanaatu kennamaaf. Meeshaalee kunniin akka feeteen osoo hintaane iddo murteessaafi barbaachisaa qofaatti dhimma itti ba'amu (Biqilaa, 2008, ff. 30-31). Namni namaaf safuu qaba.Dhalli namaa kamiyyuu safuufi kabajni maal akka ta'e xiyyeeffannoon utuu ilaalee beekuu danda'a. Safuun kunimmoo qabeenyaan, bifaa, dhiigummaan, ollummaafi kkf kan giddu galeeffatu miti. Safuun seera waaqaan uumamee, jiruufi jirenya dhala namaafi uumamaa to'atu, eeguufi qajeelchudha (Daaniyaa,2006). Seera dhala namaan tumamu nisirreessan, ni foyyeessaan garuu safuu akka jirutti eeganii dhimma itti ba'u. Safuurraa waanti maqee yookiin dabe yoo jiraate sirreffamaafi naqatoo uumamaa jeeqa; kunimmoo badiifi dhibdee dhala, cubbuudha (isuma).Safuu namaa keessatti angafni quxisuu dura mil'uu waaqaa arga.

Kana waan ta'eef quxisuun hangafa isaa kabajuu qaba.Seera irroo eeguun safuu kabajuudha.Safuun ammoo buluudha. Kanaaf dhimmi safuu namaa akka armaan gadiitti heedama.

Maanguddooon cooraaf safuudha;  
ilmi abbaaf safuudha;  
Intalli haadhaaf safuudha.  
Safuu waliif haa kennan;  
saalfifi qaanii walii haaheedatan!  
Kabaja waliif haa kennan!(Daaniyaa, 2006).

Safuu namaa irratti Kidaanuun (2016, f. 35) Luba Dafaa (1983, f. 28) wabeeffachuun safuu namaa akkanaan ibsa,

Egaa nama ta'ee safuufi saalfii biyyaa kan hinbeekne maraattuu yookiis raatuu kan ta'e yookiis dhukkubsatee kan gaggabee qullaas ofitti qabuu kan dadhabe ta'a. Kara deemaan nama dhibamee baatamee deemutti yommuu dhufu kan inni karaa isaa dhiisee nama kana gargaaree baatu namummaa isaaf malee waan biraa ulaagaa keessa galchee miti. Aadaa walfuruunis namni namummaa isaatiin qofa kabajamee gargaarama. Nama akkanaa eenyummaa isaa utuu hinqoratiin, utuu hin gaafatiin, baruufis utuu hin dhiphatiin nama ta'uu isaaf qofa ulfina kennaniifii, haajaa ofii dhiisanii daqiqaa muraasa aarsaa kanfaluun geggeessu. Nama lafoo deemu haaturuu inni fardaan deemaa jirullee taanaan ofii isaa dhibamaa yoo ta'erraan kan hafe yookiin rakkoo gargaarsaaf isa danqu biroo yoo qabaatteraan kan hafe nama dhibamee baatamee deemu bira callisee hin darbu. (1983, 28).

Yaada olii kanarraa kan nuti hubannu safuun uummanni Oromoo namaaf qabu eenyullee osoo nama hin ajajiin hundumtuu ofii isaatiif beekee kan raawwatuufi loogii kamirraa bilisa kan ta'eefi dhala namaa hunda haala walfakkaatuun kan safeeffatudha

Dirribiin (2016, f. 69) "Mucaan gaammee (Dabballeen) qananiidha, jaarsi dhaabbataan qananiidha. Beerri kalaalee qananiidha. Beelliifi gadadoon isaan irra gahuu hinqabu, safuudha. Yoo maatiin isaan sooruuf humna dhabe lammiiituu soora" jedha. Akka yaada kanarraa hubannutti namni hundi haala garaagaraatiin bakkeewwan garaagaraatti safuu kan qabu ta'uu isaati.

Walumaa galatti safuun uummata Oromoo biratti seerri uumaafi uumamaa kan ittiin eegamu, ilmi nama lafa kana irra yeroo jiraatutti seera ittiin walitti dhufeeyna namaafi uumama biroo waliin walitti isa fiduufi ittiin qajeeludha.

## 2.3 Gosoota Safuu

Uummanni Oromoo uumaafi uummama hundaaf safuu qaba. Kun immoo dhalli namaa yeroo lafarra jiraatu uumaa isaa, uumamaawan biroofi waantoota harka isaan tolchee safeeffachuun kabajee itti jiraata; waliin jiraata; ittiinis jiraata. Gosooni safuu yookiin wantoonni Oromoon safeeffatu heeddu ta'anis muraasa isaanii akka armaan gadiitti ilaalla.

### 2.3.1. Safuu Uumamaa

Oromoon uumama lafa kanarra jiran maraaf kabaja guddaa qaba. Qacceen biqilotaa, bineensotaa, beelladootaafi kkf akka itti fufaniif kunuunsa kan taasisudha. Iyyasuufi Abarraan (2009, f. 7) Oromoon kabajaafi sodaa waaqaatiin waan jiraatuuf jireenya waliinii keessatti waantota raawwatu hunda gaaddisa aadaa jalatti ilaala. Oromoon uumaa waaqayyo uumeef kabaja guddaa qaba. Seera malee itti fayyadamee akka isaan manca'an

hintaasisu.Safuunis uumamni kamuu akka hinmancaane nidhorka.Safuun seera hawaasni Oromoo ittiin walkabajee waliin jiraatu akkasumas uumama biroo waliin osoo miidhaa wal irraan hinga'in akka waliin jiraataniif karaa kan saaqudha.

Safuun uumama hundaa jidduu jiru eegamuun seera uumaati. Seerri kun yoo cabe walitti dhufeenyi uumama jidduu jiru rakkoo irratti kufa. Rakkoon kun akka hinuumamne seerri eegu safuudha. Kanaafuu, safuun walitti dhufeenyi uumama jidduu jiru seera qabeessa ta'ee akka itti fufu seera eegudha.Gama biraatiin, Wandimmuufi Booniin (2006, f. 25) Safuu uumama jidduu jiru akkanatti ibsa.

Akka dhuudhaa Oromootti, safuu buufachuun ulfina Waaqa dura buusuudha.Walii, ofiis hoboofi cooraan, angafaafi quxusuun kan walkabajanidha. Yoo waan dabanii seera uumamarraa jallatan, yookiin kan Waaqni hinjalanne hoijetame safuu waaqayyoof, kana Waaqayyo nu haa baraaru jedhama. Safuu kan hinqabne kan hinsaalfanne, hangafaafi quxusuun kan hinkabajneedha.Walumaagalatti, kan Waaqayyoo hinfeene, karaafi seera uumaa uumamaa. Waaqayyorraa kan jallate hundaaf safuu Waaqayyoof jedhama. Safuu Waaqayyoo ulfina guddaadha.Kabajaafi sodaa Waaqayyorraa seera uumaa uumamaa Waaqayyoof abboomuurraa kan ka'e Safuu Waaqayyoo jedhama. (2006 f. 25).

Egaa safuun uummata Oromoo biratti seerri uumaafi uumamaa kan ittiin eegamu, ilmi namaa lafa kana irra yeroo jiraatutti seera ittiin walitti dhufeenyi uumama biroo waliin walitti isa fiduufi ittiin qajeeludha. Safuun seera Waaqaa ulfinaafi kabaja waaqaatiif hojjirra ooluu kan qabuudha. Kunis safuu Waaqaafi lafaa, safuu abbaafi haadhaa, safuu hangafaafi quxusuu, safuu uumaafi uumama jidduu jiruufi kkf jechuun nidanda'ama.

### **2.3.2. Safuu Biqilootaa, Gaarreniifi Malkaawwanii**

Oromoont lafti kamiyyuu sababaafi faayidaa malee hinuumamne jedhee amana.Waaqayyos dachee kana gaafa uumu bakkeewwan tokko tokko burqituu, bakkeewwan biroo gaarren, bakkeewwan biroo ammoo biqiloota garaagaraan uwwisee kabaja itti godhee uume.Oromoont lafa Waaqayyo eebbissee warra biroo irraa adda taasisee uume jedhe amanu nikabaja, nisafeeffata. Safuu ardaalee ilaachisee Dirribii (2016, f. 69) yoo ibsu,

Safuun seera qananiiti.Hunduu walqanansiisee, walkabajee waliin jiraata. Burqaan, Eellifi Horri qananiidha. Itti hinfincaa'amu, itti hinbobbaa'amu, xuriin itti hingatamu, safuudha. Namni nama dheessee burqaa yookiin malkaa keessa yoodhaabbate hintuqamu, safuudha. Biqiltuun qananiidha.Osoo gogaan jiruu jiidhaan hinmuramu. Osoo jallaan jiruu sorooroon (solooloon) sirriin hinmuramu. Damee irraa muru malee hundee muranii balleessuun safuudha. Qananii cabsuun safuu cabsuudha jedha.

Iyyasuu Abarraan (2009, f. 7) malkaa yoo ibsan,"Oromoo biratti malkaan safuu qaba.Muummee burqaa bishaanii irratti hindhiqatamu.Muummee bishaanii irratti loonis ta'ee horii biroo itti naqanii hinbooreessan,"jedhu.Yaada hayyootaa kanarraa akkuma hubannu Oromoont ardaalee garagaraa nisafeeffata.Dirreewan garagaraa, biqiltootaafi malkaawwaniif safuu akka kennanidha. Haaluma kanaan bakkeewwan Oromoont safeeffatu keessaa: malkaa, tulluu, odaa, biqilootafi kkf isaan beekamoodha.

### 2.3.4. Safuu Namaa

Dhalli namaa kamiyyuu safuufi kabajni maal akka ta'e xiyyeffannoos osoo ilaalee beekuu danda'a. Namni namaaf safuu qaba. Safuun kunimmoo qabeenyaan, bifaan, dhiigummaan, ollummaafi kkf kan giddu galeeffatu miti. Kidaanuu (2016, f. 35) Luba Dafaa (1983, f. 28) wabeeffachuu safuu namaa akkanaan ibsa.

Egaa nama ta'ee safuufi saalfii biyyaa kan hinbeekne maraattuu yookiis raatuu kan ta'e yookiis dhukkubsatee kan gaggabee qullaas ofitti qabuu kan dadhabe ta'a. Kara deeman nama dhibamee baatamee deemutti yommuu dhufu kan inni karaa isaa dhiisee nama kana gargaaree baatu namummaa isaaf malee waan biraa ulaagaa keessa galchee miti. Aaddaa walfuruunis namni namummaa isaatiin qofa kabajamee gargaarrama. Nama akkanaa eenyummaa isaa utuu hinqoratin, utuu hin gaafatin, baruufis utuu hin dhiphatin nama ta'uu isaaf qofa ulfina kennaniifii, haajaa ofii dhiisanii daqiqa muraasa aarsaa kanfaluun gaggeessu. Nama lafoo deemu haaturuu inni fardaan deemaa jiru illee taanan ofii isaa dhibamaa yoo ta'erraan kan hafe yookiin rakkoo gargaarsaaf isa danqu biroo yoo qabaaterraan kan hafe nama dhibamee baatamee deemu bira callisee hindarbu.

Yaada olii kanarraa kan nuti hubannu safuun uummanni Oromoo namaaf qabu eenyullee osoo nama hinajajin hundumtuu ofii isaatiif beekee kan raawwatuufi loogii kamirraa bilisa kan ta'effi dhala namaa hundaa haala walfakkaatuun kan safeeffatudha. Safuun firummaa, gosummaa, naannummaafi walitti dhufeeyna kamirrattuu kan hinundoofne ta'uu isaati. Dirribiin (2016, f. 69) "Mucaan gaammee (Dabballeen) qananiidha, jaarsi dhaabbataan qananiidha beerri kalaalee qananiidha. Beelliifi gadadoon isaan irra gahuu hinqabu, safuudha. Yoo maatiin isaan sooruf humna dhabe lammiju soora" jedha. Akka yaada kanarraa hubannutti namni hundi haala garagaraatiin bakkeewwan garagaraatti safuu kan qabu ta'uu isaati.

Walumaa galatti safuun uummanni Oromoo namaaf qabu sadarkaa garagaraa keessatti kan mul'atu yoo ta'u, isaan keessaa gama koorniyaan, hangafaaf, quxusuudhaf, maanguddootaaf, kabaja addaa addaafi sirnoota garagaraa keessatti baay'inaan kan mul'atanidha.

### 2.3.5 Safuu Uffannaa

Uummata Oromoo biratti waantoota saffeeffataman keessaa uffannaan isa tokko. Sababa uffanni uffatamu keessaa tokko eenyummaa ummataa ibsuudha. Kunis karaa lamaan ilaalamuu danda'a. Inni duraa akkaataa ummanni tokko amantiifi eenyummaa isaa eeguuf waan raawwatuun kan ittiin of ibsu yoo ta'u, inni lammataa akkaataa namoonni yookiin ummanni biroo eenyummaa ummataa sanaa uffata inni uffatuun ittiin hubatu kan agarsiudha (Yenalem, 2001, f. 92). Uummatni Oromoo akkuma uummata addunyaa kana irra jiraatan birootti jijjiirama addaa addaa keessaa darbee har'a kan ga'edha. Wantoota jijjiirama adeeman keessa tokko haala uffaannati.

Jijjiirama kanaan sadarkaa ammaa kana irra haa geenyu malee uffaannaa duriis ta'e kan bara ammaa haalli uffanna akkafeteen osoo hintaane safuun daangeffamee ta'uu qaba. Safuu uffanna kan cabse muhi dabalata. Yaada kana Fira'a'ol (2012, f. 50) akka ibsutti

Namni sammuun isaa nagaa ta'e qullaa hindeemu, qaaniidha. Namni kan qullaa deemu yoo maraate qofa. Namni nagaan yoo qullaa deeme kan kolfaa ta'a. Durbi uffata handhuura, harmaafi gudeeda/sarbaa shee mul'isu hinuffattu. Dhimmi guddaan yaadni kun safuu daanga'uuf, dhiirotni ilaalanii akka dogoggora sagaagalummaa keessatti hinkufneefi.Nama biratti uffata ofirraa baasanii (hanga qullaa ta'anitti) hin jijiirratani; wayiin da'atanii uffata jijiirratu malee.

Yaada armaan olii irraa hubachuun akkuma danda'amutti Oromoona nama hundumaaf, amantaan gosaan, umuriifi eenyummaa namaatiin osoo addaan hinqoodiin safuu qaba. Dhalatee waanti safuu hinqabne hinjiru.Uffannaanis safuu qaba.Akkataafi yeroo itti uffataniifi maal akka uffatan qaba jechuudha.Sirna gadaa keessatti Oromoo biratti waanti safuu hinqabne hinjiru jechuudha.

### **3. Malleen Qorannoo**

Qorannoonaan kun dhiibbaa hammayyummaan safuu Oromoona kabaja namaafi uffannaaf qabu Oromo magaalaa Amboorratti fuullaffachuuun kan ggeggeffamedha.Kaayyoo qorannoo kanaa milkeessuuuf malleen qorannoo jiran keessaa mala qorannoo akkamtaa hojiirra oolee jira. Akka hayyooni hedduun irratti walii galanatti malli qorannoo kun amala waantootaafi taateewwan adda adda jechaatti fayyadamanii ibsuuf mijataadha. Bu'uruma kanaan malli qorannoo kun odeeffannoo maddoota ragaa irraa argaman jechootatti fayyadamuun qaacceeffamee dhiyaatee jira.

Ragaan qorannoo kanaaf barbaachisu, madda ragaa tokkoffaa irraa kan funaaname yoo ta'u madden ragaa kunniinis abbootii gadaa, jarsolii biyyiyaa magaalaa Ambo keessa jiraatan,namoota uffata aadaa magaalaa Amboo keessatti hojjatan/dhahan (weavers), hojjattoota aadaafi turiizimii aanaa Amboo, miseensota afooshaa maaddii harmee magaalaa Ambootti argaman akkasuma namoota manneen uffata aadaa magaalaa Amboo keessa jra keessa hojjatan kenneen qomoon Oromoona ta'an irraa ture.

Maddeen ragaa kunniin tooftaa filmaata iddattooakkayyoofi darbaa dabarsaan filataman.Sababii tooftaa kanneeniin maddeen odeeffannoo kunniin filamaniis ragaalee qarannichaaf barbaachisu namoonni kennuu danda'an warra aadaafi safuu Oromo beekan filatamuun waan qabaniif.

Qorannoo kana keessatti meeshaalee funaansa ragaa hojiirra oolan afgaaffiifi marii garee turan.Afgaaffiin gamisaan caasaffame namoota dhiibbaa ammayyummaan safuu uummanni Oromo kabaja namaafi uffannaaf qabu irratti geessisu kanneen beekaniifi kallattii aadaafi safuutiin muuxannoo yeroo dheeraa kanneen qabaniifi dhimma qorannichaaf irratti hubannoo ga'aa qaban afgaaffiin odeeffannoo kennaniiru. Haaluma kanaan namoonni odeeffannoo kennan dhiibbaa ammayyummaan safuu uummanni Oromo kabaja namaafi uffannaaf qabu kanneen beekaniifi kallattii aadaafi safuutiin muuxannoo yeroo dheeraa kanneen qaban yommuu ta'an dhiirota kudhan (10) fi dubartoota shan (5) walii galatti namoota kudha shan (15) tu afgaaffiin odeeffannoo kennan.

Meeshaan funaansa ragaa inni biraa hojiirra oole marii gareeti. Marii garee kana keessatti namoonni 14 garee lamatti qoodamanii(garee tokko keessatti namoota torba) kan hirmaatan yoo ta'e halli filannoo isaaniis toofta filmaata iddattoo akkayyootiin ture. Kan isaan filatamanisa madden odeeffanno armaan olitti eeraman keessaa ture. Malli funaansa ragaa kun odeeffanno karaa afgaaffiin hinarganne guutuu maayiirra oole.

### **3.2. Mala Qaaccessa Ragaalee**

Odeeffanno meeshaalee funaansa ragaa afgaaffiifi marii gareetiin funaaname haala qabiyyeewan gurguddoon safuu uummanni Oromoo kabaja namaafi uffannaaf qabu kanneen meeshaalee funaansa ragaa afgaaffiifi marii gareetiin walitti qabaman mataduree matadureen qoqqoodamuun kaa'amaniiru. Sanaa booda ragaaleen dhiibbaa ammayyummaan safuu uummanni Oromoo kabaja namaafi uffannaaf qabu irratti funaanaman haala kaayyoo waliin deemuufi gaaffilee ka'aniif deebii quubsaa kennuu danda'aniin qindaa'aniiru. Itti aansuun ragaaleen bifa sagaledhaan walittiqabaman irra dedeebi'amee dhageeffachuuun gara barreffamatti jijiiruun ragaalee barreffamaan funaanaman waliin sirreessuufi qindeessuun qaacceffameera.

## **4. Xiinxala Ragaalee**

Kutaa kana jalatti ragaalee karaa afgaaffiifi marii garee funaanaman xiinxalanii dhiyaataniiru

### **4.1. Yaadrimee Safuu Uummanni Oromoo Qabu**

Uummanni Oromoo durii kaasee sirna gadaa keessatti duudhaa, aadaafi safuu mataa isaatiin bulaa kan tureefi ittiin bulaa kan jirudha. Uummanni Oromoo uumaafi uumama hundaaf safuu qaba. Kunimmoo dhalli namaa yeroo lafarra jiraatu uumaa isaa, uumamaawwan biroofi wantoota harka isaan tolche safeeffachuuun kabajee kan itti jiraatu; waliin jiraatuufi ittiin jiraatudha.

Dirribiin (2012) Safuun qaama sirna gadaa akka heera ittiin bulmaataatti Oromoo fayyadamu jedha. Innis heera ittiin uumaafi uumamni ittiin wal dandaa'anii waliin jiraatanidha.

Safuun seera uumaafi uumamaa, namaafi nama, namaafi uumamni marti ittiin qajeelfamudha. Namoonni afgaaffiifi marii garee keessatti hirmaatan kanuma cimsan. Yaada kana yeroo gadi jabeessan safuun mirgaafi dirqama nimul'isa; bilchina jiruu namaa keessatti waanti guddaan "safuu beekuuf ittiin buluudha" jedhu. Kunis, safuun madda waa hedduu ta'uu isaati. Safuun yoo cabe daba yookiin cubbuu ta'a. Seerris iddo dhaba, seerri yoo diigame nagaa dhabamsiisa. Yoo safuun eegame hariiroon jireenyaa waan cimuuf. jireenyi nitola. Uummanni Oromoos safuu uumaafi uumama gidduutti jiran: safuu waaqaa, biqilootaa, bineeldotaa, malkaa, tulluu, safuu sirnoota addaa addaa, safuu meeshaalee aadaa, safuu uffannaafi safuu namaa eeguun jiraata. Sababiin isaa safuun yoo hinjirre walitti dhufeenyi uumaafi uumamaa nijeqama. Kunis safuun olaanaa yookiin dursaa seeraa ta'uu isaa agarsiisa.

#### **4.2. Yaadrimee Safuu Uummanni Oromoo kabaja Namaafi Uffaannaaf Qabu**

Abbootii gadaafi jaarsoliin biyyaa afgaaffifi marii garee keessatti hirmaatan akka ibsanitti Uummanni Oromoo dur duriii kaasee aadaa, duudhaa, safuufi seenaa mataa isaa qabaachuu irra darbee addunyaa kanaaf sirna gadaa gumaacheera. Sirni gadaa kunis siyaasa, dinagdeefi hawwaasummaa of keessatti qabata. Abbaan gadaas siyaasaa aangoo sirna gadaatiin, dinagdee hojji dinagdeetiin, hawwaasummaa safuudhaan akka bulchu dabaluun ibsan. Uummanni Oromoo dhimmoota jiruufi jirenya keessatti raawwataniifi umama lafa kana irra jiraatan maraaf kabajaafi ulfina mataa isaanii qabu. Dhimmi raawwatu kamiiyyuu akkafeeteen hinraawwatu; sodaafi kabaja uumaa qaba. Akka odeef kennitooni jedhanitti safuun seeraan, aadaafi amantii Oromootiin waantoota dhorkaman mara kan ofkeessatti haammatudha. Oromoo biratti maatiin safuu qaba; maanguddooni safuu qabu; dubartiinis safuu qabdi; dhiirri safuu qaba; quxisuun safuu qaba; angafni safuu qaba; uffannaan safuu qaba jechuudha.

Odeef kennitooni cimsanii akka ibsanitti Oromoon safuu inni kabaja namaafi uffannaaf qabu kan maddu sirna gadaa isaarraati. Kana jechuun sabichi kan bulu safuudhaan, hoodaan, aadaafi duudhaadhaani. Kanaaf, Oromoonakkana jedha “Waaaqni safuu roobaa; lafti safuu magarsa.” Kunis, waaqniifi lafti safuudhaan akka bulu uumaattuu hundumaafuu toora naqeef jechuudha.

Safuu namni waliif qabu ilaachisee odeef kennitooni akka jedhanitti Oromoo biratti nama ta’ee namni safuu hinqabneefi namni safuu hinbeekne hinjiru. Nama hundumaaf safuutuu jira. Hundinuu safuu waliif kenna.. Xiqqaan guddaaf, guddaanis xiqqaaf kabaja kenna. Ollaan walsafeeffata, maatiinis akkuma akka isaatti kabaja waliif laata. Dhiironni dubartootaaf, dubartoonnis dhiirotaaf safuu laatu; uffannaan safuu qaba.

Akka yaada odeef kennitootaatti aadaan Oromoo bakka qorannoo kun itti geggeeffamee namni kamuu uffata dhedheeraa kan qaama isaa/ishee guutuu dhoksu uffachuun barbaachisaa akka ta’e yaada kennaniin mirkaneessanii jiru. Kana malees, osoo uffannaan ammaa kun hindhufiin dur Oromoon uffannaal halkaaniif guyyaa jirbii irraa ofiif hojjetataa ture. Kanneen uffannaal guyyaaf qophaa’an keessaas kan qullaan namaa mul’isu hinjiru jechuun ibsu.

Yaadota armaan olii irraa hubachuun akkuma dandaa’amutti Oromoon nama hundumaaf, amantaan goсаan, umuriifi eenyummaa namaatiin osoo addaan hinqoodiin safuu qaba. Dhalatee waanti safuu hinqabne hinjiru. Uffannaanis safuu qaba. Akkataafi yeroo itti uffataniifi maal akka uffatan kan qabudha. Sirna gadaa keessatti Oromo biratti waanti safuu hinqabne hinjiru jechuudha.

#### **4.3. Safuu Kabaja Maanguddootaafi Dhiibbaa Ammayyummaan Qabu**

Uummata Oromoo biratti maanguddooni kabaja olaanaa qabu. Kanas Oromoonafoola isaa keessaamammaaksan “Jaarsaafi qottoo dura hindhaabbatan” jechuun ibsa. Kana jechuun jaarsi kabajaa guddaa kan qabuufi sodatamaa ta’uusaa nutti agarsiisa.

Safuu Oromoont qabu keessaa safuun kabaja maanguddootaaf godhamu isa tokko.Haa ta'u malee yaanni namoota afgaaffifi marii garee keessatti hirmaatan akka agarsiisutti, kabajni maanguddootaaf kennamu kan duriifi kan ammaa gidduu garaagarummaa guddaatu jira. Garagarummaa mul'ate yeroo ibsan, "duratti Uummanni Oromoo biratti maanguddootaaf kabaja guddaatu godhama. Bakka kamittillee maanguddoon yoo alaa olseenu lafaa ka'anii bakka kennuuf; dura hintaa'ani;dura harka hindhiqatan; daandiirratti callisanii bira hindarban; hoofkaltii gaafatu. Maanguddoon sunis kabaja argadhaa, haarrii argaa" jechuun akka eebbisian himan. Kabaja kennameef immoo maanguddoonni umurii dheeraa argadhaa jedhanii kanneen kabaja kennaniif eebbisu.Maanguddoo dura laga hince'an. Kunis kan ta'eef, maanguddoon beekaadha; yeroo laga ce'us itti irreeffata. Nu jiisi jedhee waaqa kadhatee laga ce'a.Kanaaf, maanguddoo dursanii lagatti hinseenan.

Akka yaada odeeckennitootaatti, yeroo ammaa maanguddoonni kabaja duraan qaban bakka baay'eetti hinargatan. Kabajni maanguddootaa hir'achaa dhufeera. Yeroo ammaa kana bakka maanguddoonni jiranitti wal arrabsuu; wal loluuniifi wal tuffachuun beekamaa ta'eera.Duratti maanguddoo kabajuun waan inni hojjetu waliin hojjetu; amma immoo kabajni isaayyuu dagatamaa adeemeera.Keessumaayyuu maanguddoo hinbeekneef kabajni kennamu hedduuminaan hir'ateera.Sababni kun ta'ee, dhalooni ammaa natuu sicaalaa beeka jechuu baay'isa.Yeroo ammaa kana aadaafi duudhaa ofii dhiisanii kan ormaa jiraachuun baay'achaa dhufeera. Kunimmoo kan ofii akka waan boodatti hafaa godhanii ilaaluu irraa madde. Duudhaafi safuu Oromootiin faayamanii guddachuu dhabuu, faayidaa ofii dursuutu mul'achaa jira jechuun ibsu.

Kanamalees, yeroo amma kana mul'achaa jiru manguddoota tuffachuun,safeeffachuu dhiisu, yeroo isaan haas'an gidduu galuun nimul'ata. Dhalooni ammaa mirga kooti jechuu baay'isa kan fedhii kootii natuu beeka jedha. Kun gaarii fakkaatus, manguddoota salphisuuniifi bakka kennuu dhiisu sirrii akka hintaane deebii kennitoonni ibsaniiru.. Kun ammoo nama abaarsisa.Mammaaksa Oromoo keessatti "Jaarsi guddaan si hinabaariin; bishaan darbaaf jiru siin hinnyaatiin" jedhu yoo fudhanne jaarsi akka nama hinabaarreef waan jaarsi jedhu diduu akka hinqabne nu hubachiisa.Keessumaayyuu yeroo ammaa kana naannoo buufata konkolaataa keessatti maanguddoo, abbaafi haadha afaan hinmalleen arrabsuun heedduuminaan mul'ata. Kunimmoo safuu eeganii jiraachuun dhabuu irraa madda.Kana keessatti ammayyummaa waanti fakkatu dhaloota ammaa ofdagachiisaa jira. Keessumaabbaan gadaa afgaaffii keessatti hirmaatan tokko dhalooni ammaa kun maanguddootaatti akka qoosaniifi haala safuu hinqabneef yaada qoosaa fakkatu garuu kan ta'e, maanguddoo rifeensi maatii isaanii haarrii malee hinqabne( jirbii fakkaatutti ) tokkotti dhufanii Afaan Amaaratiin gaaffii "ቍኝ ቁጥር በየት በከል ነው" jechuun isa gaafaatan jedhan. Manguddichis

"መንግዶም እንዳን በዘመኑ ነው:: ንጋግኙን በዘመኑ አካሂድ የሚተደረሰበት አይመስለም እለምዎም እና" jechuun deebii kenne jedhan. Yaanni kun kan agarsiisu dargaggooni waan uumaman manguddicha kennameef saalfii malee itti qoosuu isaaniiti. Deebii maanguddoo kun kenne kunimmoo kan mul'isuu aadaafi safuu uummataa cabsuun kun seera uumaa darbuufi cubbuu ta'urra darbee umuriiliee kan namaaf hinlaanne ta'uu isaati.

Kana malees, abbaa gadaafi maanguddoon afgaaffii keessatti hirmaatan ibsanitti, yeroo ammaa kana yeroodhuma isaatuu kabaja nama dhowwate nutti fakkaata jedhu. Keessumaa dargagoonni naannoo magaalaa jirataniif kanneen mana barnootaa dhaqan yeroo ammaa kana maanguddoota maqaa hinmalleen jechoota safuu hinqabneen “sheebaw” jechuun waamuun baay’ateera jedhu. Kun immoo akka qaroomuu isaanitti fakkaata jedhuun ibsan.

Akka yaada odeefkennitootaatti safuu Oromoo balleessuu keessatti siyaasaan biyyaatii harka keessa qaba jedhu. Umurii dheeraa akka lakkoosise eeranii jiru. Keessattuu, maanguddoonni buleeyyi afgaffiifi marii garee keessatti hirmaatan akka ibsanitti, kabajni aadaa Oromoo adda durummaadhaan akka dagatamu bara xaaliyaaniin biyya Itoophiyaa weerarte bara 1933 irraa eegaleeti yaada jedhu duubatti yeroo dheeraa deemanii abbootii isaanii wabeeffachuu kaasan.Jaarsaafi jaartii kabajuun barbaachisaa miti; aadaa boodatti hafaadha jedhanii uummata barsiisaa akka turan dabalanii manguddoonni kunniin eeranii jiru. Namoota biyya alaatii dhufantu biyya keenya, aadaa keenya, duudhaa keenya irratti dhiibbaa geessisa jira jechuun komatu.Inni kan biraan ammoo hammayyaa’uu/qaroomina waan jedhantu safuu uummanni Oromoo qabu irratti dhiibbaa guddaa geessisa jirajechuun ibsu. Kunis yeroo ammaa jijiirama guyyaa gara guyyaatti mul’atu waliin deemuf akkaataa dubbiifii gocha isaaniitiin waanta aadaafi safuu uummata Oromoo irratti dhibbaa geessisu calaqisiisuutuu heedduminaan mul’achaa jira.Yeroo ammaa kana miidiyaa haawasaafi saba himaale hordofuu malee yeroon itti safuufi duudhaa ganamaa wal barsiisan hinjiru. Hunduu jirenya isaa guyyaa guyyaa duukaa fiigaa oola jechuun ibsu. Kana malees, akka odeefkennitooni ibsanitti hir’achuun kabaja dhala naamaa akka waliigalattiifi kan maanguddootaa akka addaatti sababa kanneen ta’an keessaa kanneen akka barnoota hammayyaa, babal’ina magaalotaafi industurii qooda akka keessaa qaban ibsanii jiru.

Yaadota armaan oliirraa kabajaafi safuu Oromoona akka waliigalatti dhala namaaf qabuufi manguddoota ogummaafi muuxannoo gadifageenya qaban (wisdom and experience) hir’achuuf sababa kanneen ta’an agarsiistota hammayyummaa kanneen ta’an barnoota hammayyaa, babal’ina magaalotaa, industirii, sabaahimalee akkasumas siyaasni gahee kan qaban ta’uu isaanii hubachuu nidanda’ama.

#### **4.4. Kabaja Maatiirratti Dhiibbaa Ammayyummaan Qabu**

Uummata Oromoo biratti maatii jechuun abbaa, haadha, daa’imanniifi namoota qe’ee tokko keessa waliin jiraatanidha. Egaa Oromoona dur qe’ee bal’aa tokko keessa maatii isaa qabatee waliin jiraataa ture.Jirenya akkasii keessatti hundumtuu walsafeeffachaa waliin jiraata.

Akka odeefkennitooni ibsanitti ,dur uummata Oromoo keessatti maatiin safuufi kabaja waliif qabu jedhu. Fakkeenyaaaf, mana keessatti abbaan manaafi haati manaa kabaja waliif qaban agarsiisurraa kan ka’e haati manaa abbaa manaa maqaan hinwaamtu yookiin isni jettee waamti. Akka yaada isaanitti kun kan ta’uuf walirraa fageenya uumuuf osoo hintaane walkabaja qaban agarsiisuuf jedhu. Mana keessatti dhiyaanni yeroo dhiyaatu abbaa manaa dura namni harka hindhiqatu ; maaddisi harka hinkaahu; abbaan manaa mataa manichati. Innis jalqaba haadha manaa afaan kaa’a.’akka carraa ta’ee abbaa manaafi haati manaa yoo

walitti bu'an, isheen gara diinqaa yoo baqatte safuudha hintuqu. Abbaan manaafi haati manaa yeroo karaa deeman, haati manaa duuba hindeentu safuudha; ishees dura laga hince'u.

Kana malees,dur maatii keessatti ijoolleen abbaafi haadhaaf safuufi kabaja qabu ture. Abbaadhaan 'abbaa' haadhaan ammoo 'harmee' jechuun maqaa kabajaan waamu malee maqaan hinwaaman turan. Ilmi abbaaf safuuqaba; intalli haadhaaf safuu qabdi; ijoolleen lamaan (ilmaafi intala) waliin haa qabataan malee gama gama isaaniitiin leenjis. Akkuma mammaksi Oromoo jedhutti "haadha laalii" intala fuudhi, "abbaatu reefana leenjifata" jedhan ilaaluun nidanda'ama.Kunis safuu hawaasichaa eeguun maatiin ijoollee guddisaa akka turan agarsiisa.

Akka yaada odeefkennitoonni ibsanitti, yeroo ammaa kana ijoolleen maqaa baramaa abbaafi haati ittiin waamamaa turaniin waamaa hinjiran. Fakkeenya, ijoolleen haadhan 'mother' Kan abbaa 'Dad yookiin father' obboleessaan 'brother' akkasumas obboleettiin ammoo 'sister' jechuun waamuun hedduumachaa jira. Kunis safuufi kabajni maatii gidduu jiru haala jijiirama yeroo wajjin hir'achaa dhufuu isaa hubachuun nidanda'a. Sababa jijiirama maqaalee miseensata maatii kunnini aadaa ofitti amanuu dhabuu, kan hormaa kan ofii caalchisuufi malaattoo qoroominaa fakkeessanii fudhachuu dhaloota ammaa kanaa fakkaata.

Dabalataanis, akka maanguddooniifi abbotii gadaa afgaaffii marii garee kessatti ibsanitti, obbolaan waliif safuu kennu.Quxusuun hagaafaaf safuufi kabaja kennu.Bakka maatiin hinjirretti itti gaafatamaa fudhatu.xiqaan guddaaf, guddanis xiqaaf kabaja kenna. Ittuma dabaluun odeefkenntoonni kunnii akka himanitti,ollaan walsafeeffata, maatiinis akkuma akka isaatti kabaja waliif laata.Hangafni nikabajama; safuufi aadaa Oromoo keessatti angafniifi quxisuun wal qixa hinilaalam. Keessumaayyu itti gaafatamummaa fudhachuu ilaachisee, hangafti qixxee abbaati; sammuu warraati; ilmi hangafaa hawaasa keessattis ta'ee akka maatiitti iddo olaanaatuu akka kennamaaf manguddooniifi abbootiin gadaa ibsanii jiru.Kana jechuun, jirenya idilee hawaasaa keessatti hangafummaan iddo olaanaa qaba.Ilmi hangafni osoo ga'iila hinraawwatiin quxisuun raawwachuu hindanda'u; osoo intalli hangafti jirtuu quxusuun hinheerumtu; osoo ilmi hangafni jiru quxusuun hineebbisu; quxusuun eebbisuuf hofkaltii hangafa gaafata; malkaa kan dura ce'u hangafa; quxusuun dursee ce'uuf hoofkaltii gaafata. Bakka abbaan manaa hinjirretti illee isa/isheetuu mana hooggana. Hangafa jechuun bakka abbaan hinjirretti akka abbaatti quxusuun kunuunsa; yoo balleesse ni adaba; nibarsiisa; hojji gurguddoo ofii hojjeta; faayidaa kamillee quxisuuf dursa kenna; teessoo irra angafni osoo jiruu quxisuun dura hintaa'u; waan angafni jedhe jala hindeebisan, hojji xixiqqoo mana keessaa quxisuutuu hojjeta. Angafni quxusuu akka ilmoo isaatti ilaala.Akkuma hangafaa quxusuunis kabaja kan qabudha.Oromoona gaafa eebaaf ka'e "waaqa angafa quxisuu" jedhee kadhata. Angafaafi quxisuu irraa kan hafe warreen biroon araddaa abbaa isaaniirraa fagaatanii ijaarrachuu danda'u. Akka seera sirna gadaatti akka carraa ta'ee angafni yoo lubbuun darbe yookiin boqote bokkuun ilma quxusuu sanaaf kennama. Osoo quxisuun jiruu seerri aadaa bokkuu ilma giddu galeessaaf hinkennu.

Akka odeefkennitoonni jedhanitti safuun kun yeroo ammaa baay'ee hir'achaa jira. Akka yaada isaaniitti, yeroo ammaa kana quxisuun angafa safeeffachuu hinjiru; dursa kennuufiin hinjiru, anatuu beekaatuu baay'ata, waa'ee koo maaltuu si galchee jechuutuu baay'ata.

Walkabajuu dhiisurra darbee, ijoolleen yeroo ammaa kana maatiif abboomamuu dhiisutuu heedummachaa jira. Keessumaa ijoolleen si'anaa abbootiifi harmootii isaaniin isin hinbeektan jechuun gorsa isaanii fudhachuu dhiisuu, humna maatii ol ta'u, baasii guddaa baasisuu, gadi of qabanii jiraachuu dhiisuu, bakka tokko tokkotti keessumaayyuu warra irraa adda ba'anii jiraachuutuu mul'ata. Sababa safuu hawaasarraa maquu daa'immanii kana ilaachisee odeeefkennitoon yoo ibsan, ammayyummaa (yeroo faana deemuu), walitti dhufeenyaa addunyaafi miidiyaalee hawaasaa, aadaan wal makuu, keessumaa immoo dhimma gaa'ilaa irratti aadaa warra dhihaa ofitti fudhachuu kanan jaalladhe maaltu nama galche jechuun suuta suutaan amaleeffachuun safuufi duudhaa Oromoona maatiif qabu balleessuutuu akka babal'achaa jiru kaasu. Inumaayyuu bakka namni nama argutti wal dhungachaa daandiirra gocha hinmalle agarsiisaa adeemuutu mul'ata. Kanas nama safuufi duudhaa Oromootti hinguddanetuu kana godha. Ta'us garuu safuufi duudhaa Oromoo qabatanii qaroomuun ni dandaa'ama ture. Sababa duudhaafi safuu Oromoo malee walitti dhufeenyaa orma waliin godhaniif, gaa'ila dura hiriyaa qabatanii wajjiin waan jiraataniif, bakka bashannanaa waan deemaniif, yeroo malee heerumu, ulfaa'uifi ulfa baasuun akkasumas gaa'ila ofii diiguun haalaan heedummachaa jira.

Akka yaaxxina fayyadeessummaatti jijiiramni hawaasummaa sochii haala tokko keessaan gara haala biraatti taasifamu jechuudha. Kanumaan wal qabatee Odeeef kennitooni akka jedhanitti uummata Oromoo biratti kabajni maatii gidduu jiru jechuunis abbaa manaafi haadha manaa, hangafaafi quxisuu, abbaafi ilma, haadhaafi intala gidduutti jiru, duratti haala gaarii ta'een hojjiirra oolaa kan ture yoo ta'u, yeroo ammaa immoo jijiirama guyyaa guyyaan hawaasni argamsisaa adeemuun safuun kabaja maatii gidduu jiru baay'ee kan gadi bu'edha.

Yaadota armaan olii irraa kan hubatamu safuu uummanni Oromoo kabaja maatii keessatti qabu haalota adda addaan kan manca'e yoo ta'u yuu irra caalaa isaatti sababa ammayummaa irraan kan ka'e wal safeeffachuun maatii giddutti hir'achuu bira darbee sadarkaa nama qaanessu irra kan ga'e ta'u Isaafi dargaggooni akka arganitti daandii irratti waan barbaadan kan goodhaniifi abbaan manaafi haati manaa sodaa tokko malee wal hiikuun raakkoo hawwaasummaaf saaxilamaa jiraachuu isaaniituu hubatama. Akkasumas ijoolleen mana keessatti maatiifi walii isaanii wal safeeffachuun dhiisuu bira darbanii sadarkaa ajaja maatii diduufi baasii hinmaalleef saaxiluu bira ga'uun isanii heedummachaa jiraachuu isaa nu hubachiisa. Kunis akka yaaxxina jijiirama hawaasaatti yommuu ilaalamu, hawaasni Oromoo sababa jijiirama hawaasummaatiin yeroodha gara yerootti jijiiramaa adeemuun qabiyyee safuufi safeeffanna isaa gadi dhiisaa dhufuun wantoota armaan olitti ibsaman fiduu danda'eera.

#### **4.5. Dhiibbaa Ammayyummaan Kabaja Koorniyaa irraa Geessisu**

Akka abbootiin gadaa afgaaffiifi marii garee irratti hirmaatan ibsannitti, sirna gadaa keessatti dhiirronni dubartoota, dubartoonnis dhiirotaaf safuu laatu. Abbaan manaafi haati manaa aangoo wal qixxee qabu; yoo abbaan manaa abbaa gadaa ta'e, haati manaa ammoo haadha siiqee taati. Dubartiin safuu qabdi. Haadha dhiiraa yookaan haadha dubartiiti. Harkatti yookaan garaatti baatti. Kanaafuu, hinrukutamtu. Yaadaan waliigaluullee yoo jirate, dubartii reebuun safuu balleessuudha. Dubartii gudeeduunis safuu balleessuudha. Dubbartii siiqee

qabattee kabajuu dhiisuun safuudha.Haadha siiqee bira darbaanii wal loluun safuudha.Ajaja haadha siiqee jalaa diduun safuudha. Kanamalees, odeefkennitoonni sharrooni safuu eeggachuu qaban irratti akka ibsanitti, shamarreen tokko gaa'ila dura qunnamtii saalaa gochuun safuu balleessuudha dubbatan. Itti dabaluun, warrii dhiraa dursa kennuu safuu Ormoo eeguu akka ta'e himan. Kana fakkeenyaan deegaranii yoo ibsan, dhiirri fardaa yaabbattee osoo deemuu dubartiin lafa hindeemu jechuun himan.kunis kan ta'uuf jedhu odeeef kennitoonni kunniin,dubartiin ji'oota sagaliif garaatti baattee erga deessee booda,kunuunsitee daa'imman guddisuun dhaloota itti fufsiisuu keessatti gaheen ishee olaanaa waan ta'eef kabajaafi qananii guddaa qabdi jechu cimsanii ibsan.Dursi yeroo kamiyyuu isheef kennama.walitti bu'insi abbaa manaa ishee faana yoo uumamellee,dubartiin gurduuba yookaan utubaa qabannaan hindhaanamtu jechuu odeeefkenntoonni ibsan.

Walumaagalatti yaada abbootii gadaa,jaarsolii biyyaafi namoota biroo afgaaffii marii garee keessatti hirmaatan yoo cuunfamee ilaalamu, uummata Oromoo biratti dubartiin haadha, obboleettidha, intala ofiiti, haadha manaadhas akkaumas dubartii jirenya dhalootaa keessatti akka utubaatti ilaalamuu dandeessi;uummata Oromoo biratti dubartiin iddo olaanaa qabdi. Kanaaf hawaasa Oromoo biratti kabajaafi ulfina guddaa qabu.Isaanillee kabajaafi ulfina isaanii kana eeggachuuf jecha yeroo nyaatan, yeroo dhugan, yeroo kolfan, yeroo dubbatan ofeeggannoodhaan raawwatu. Daa'immummaadhaa kaasanii haalli dhiirota ittiin guddisaniifi kan isaanii garaagara. Dubarri ofeeggannoodhaan guddifamti.

Dabalaanis,yaadonni odeeef kennitoota irraa argame akka mul'isutti,haariroo waliin jirenyaa keessatti dhiiraafi dubartii gidduu safuun akka jiru himan. Dhiirri dubartii dura bishaan hindhugu; laga hin ce'u; hindeemu. Dubartoonnis gama isaaniitiin,dhiirotaaf kabaja akka qaban odeeef kennitoonni ibsanijiru. Kanas fakkeenyaan deegaranii yoo ibsan,abbaan manaa hamma fedhan balleessuu iyyuu, haati manaa nama fuulduratti hinsalphiftu jechuun safuu waliif eegan ibsan.Bekaas ta'e wallaala dhiira salphisuun safuudha.Sababa dhiira ta'eef qofa kabaja; keessumaa abbaan manaa haal duree tokko malee kabajamuu qaba.Dubartootaafis xiyyeffannoo addaatuu umuriifi barabaachisummaa isaanii hubaannoo keessa osoo hingalchiin kennamaaf. Kununsa shamarranii taasifamu ilaachisee, odeeef kennitoonni yoo ibsan, "durbi qarreen qananiidha. Akka argite nama wajjiin hindubbattu. Orma wajjiin hintaphattu; hindeemu, hinnyaattu; dubartiin hinlolan; namni osoo miidhuu ilaalanii bira hindarbani. Dubartiin akka barbaaddetti hindeemu; Shammarreen geessuun qofaa qoraan cabsu,bakka bashannanaa, gabaa deemuu, bishaan waraabuufi ergaa addaa addaaa hindeemtusafuudha," sababa isaas yoo ibsan, shmarra qofaa yoo deemte rakkoo addaa addaatiif saaxilamuu dandeessi jechuun ibsan. Akka aadaa Oromootti gaa'illi kan rawwaatamu yoo maatiin lamaan wal jaallataniifi intalliifi gurbaan yoo walii galan qofaadha. Gaa'illi akkasii haala salphaan hendiigamu.

Haala yeroo ammaa kana safuu koorniyaarratti jiru ilaachisee maanguddoонни yoo ibsan, inni dhiirri kabaja dubartiif kennuu dhiisee waan barbaade karaa ittiin irratti raawwatu

barbaada jedhu.Waa'ee ishee dhimma itti hinqabu.Sossobee faayidaa isaa irraa argachuu qofa barbaada.Yeroo malee cabuun ishee, ulfina ishee dhabuun ishee, yeroo malee ulfaa'uun ishee isatti hindhagaa'amu. Faayidaa miira isaa kan yeroo qofa dhagggeeffachuun umurii ishee

gutuu cabdee akka haftuuf sababa ta'a. Sababa safuun koorniyaa badeef eeyyama warraa malee orma waliin dubbachuun, waliin ooluu, bashannanuufi gaa'ila dura dogoggoruun baay'inaan mul'ata.

Kabaja barbaachisu waliif gochuu dhabuu irraan kan ka'ee, gaa'ila diiguun heedduminaan mul'ata. Kana malees, sababa ammayyummaa irraan kan ka'e kan anaaf ta'u anatuu beeekaan waan baay'ateef filannoo maatiidhaan gaa'ila ijaaruu hinbarbaadan. Aadaa biyya ormaa ofitti fudhachuun jaallallee ofii waliin daangaa malee gaa'ila dura walitti dhihaachuun booda ammo kabaja wal dhowwachuun haalaan hammaachaa jira.

Walumaagalatti,hariiroo yeroo ammaa gama koorniyaan jiru karaa isaa isa sirrii irraa mafeera. Sababiin isaa shamarreen tokko dhiira tokko waliin haal duree tokko malee walitti dhufeenya daangaa hinqabne uumuun jiraachuun waan hedduummateefi. Kun kan dhufe hammayyoomuu ofitti fakkaachuun safoo Oromoo ganamaa dagachuurraa dhufe.

Akka yaaxxina jijiirama hawaasaa kan daddabarsaan (Diffusion theory) dhufuutti jijiiramni hawaasaa kan dhufu dadarbinsaa aadaa, haala jiruufi jirenya hawaasa biraa irraa gara hawaasa kan biraatti jirenya guyyaa guyyaa keessatti dhufu irraa kan maddudha. Kanas Hayyuun Anele (1999) jijiiramni hawaasaa kan dhufu dadarbinsa amalaa, aadaa, duudhaafi dhugeeffanna gareedhaa gara gareetti dhufu irraa madda. Itti dabaluun hayyootni Ekpenyong (1993, f. 198) "...[ kanas kan raawwatu uummata] warra baay'inaan aadaa ergufatudha jechuun yaada kana cimsu.Yaanni odeef kennitooni kennanis yaaxinuma kanaan wal qabata.Akka odeef kennitooni ibsanitti duratti dargaggootaaf gaa'ila kan dhaabu maatiidha.Kanaaf, maatiin isaanii akkaataa duudhaafi safuu Oromoo eeggateen gaa'ila isaaniif ijaara turan.Yeroo ammaa garuu jijiirama yeroon fide yookiin sababa ammayyummaa irraan kan ka'e kan anaaf ta'u anatuu beeekaan waan baay'ateef dargagoonni filannoo maatiidhaan gaa'ila ijaaruu hinbarbaadan. Fedhii ofitiin gaa'ila ijaarrachuun garii ta'ee akkasumas waan yeroo faana deemu madaksaniiitti fayyadamuun fudhatama qabaatuyyuu, aadaa biyya ormaa ofitti fudhachuun jaallallee ofii waliin daangaa malee gaa'ila dura walitti dhihaachuun booda ammo kabaja wal dhowwachuun haalaan hammaachaa waanti jiru kun kan deeggaramu miti.Kanaafuu, aadaafi safuu Oromoq qabu cabsuun daddarbinsaan kan dhufe aadaa biyya ormaa akkuma jirutti ofitti fudhachuudhaan kan dhimma itti ba'amu kun miidhaa qaba.

Yaadotaarmaan olii irraa kan hubatamu, safuu Oromoq gama koorniyaan qabu kanduraafi kan ammaa yommuu wal bira qabamee ilaalamu kan ammaa heedduu kan safuu Oromoq irraa fagaate ta'uu isaati.

#### **4.6 Dhiibbaa Ammayyummaan Safuu Haala Uffannaa irratti Geessisu**

Uummanni Oromo akkuma uummata addunyaa kanarra jiraatanii jijiirama tirannaa adda addaa keessa darbee har'a kan ga'edha.Waantoota jijiirama tirannaatiin jijiiraman keessaa tokko aadaa uffannaadha.Akka Abbootii gadaafi manguddoonni afgaaffiifi marii garee keessatti ibsanitti, duratti aadaa Oromo keessatti uffannaa dhagna guututuu uffatama. Maanguddoonni bullukkoofi gaabii uffata turan;kun immoo maanguddummaa isaaniifi nama ummuriin raagan ta'uu isaanii mul'isa. Dubartooni ammoo wandaboo kan jedhamu uffatu,

warra guddaa, warra beekaa, haadha siiqgee, warra ayyaantuu jedhamu;duratti uffannaan akaakuu adda addaa baay'inaan hinturre; haa ta'u malee, waanuma jiruun iddo safuu ofii ittiin dhokfatu;Amma garuu uffannaan jiru ittiin qaama safuu isaanii agarsiisaa adeemu. Inni dhiirri surree gadi butee qullaa isaa agarsiisaa adeema.Isheen shamarri immoo uuffata gabaabaafi qoma irraa gadi bu'u uffachuun qaama safuu isaanii mul'isaa adeemu. Duratti uffanni ofii yoo cite/tarsa'e hodhatanii qullaa ofii ittiin dhokfatu.Amma immoo galagaltuu isaa uffata ciccitaa uffachuun amaleeffannaa ta'aa dhufeera jedhu.Keesumaayyuu uffataa guyyaa guyyaa yoo ilaalte kan safuu Oromoo ganamaa kan eeggate miti.

Akka yaada odeefkennitootaatti, kanaaf sababa kan ta'e, qaroomina fakkaatee warra Oromummaa isaanii sirriitti hinbeekne safuu Oromoo warri dagate qaama isaa /ishee ormatti mu'lisu akka ammayyoomuu yookiin qaroomuu itti fakkaata. Fakkeenyaaaf, uffanni suufii dur biyya keenya keessa hinturre.Oromoon uffannaajirbii irraa ofii isaatiif hojjetata.Utuma ta'ee iyyuu kan duraan uffatamu kan qaama guutuu dhoksu, dheeraa kan ta'edha. Inni ammaa garuu gabaabaafi boca addaa addaa kan qabu qaama safuu namaa kan mul'isudha. Keessumaa kan shamarranii addumaan kan nama qaanessudha.Nan tolfadha jedhanii balleessaa adeemuutuu mul'achaa jira. Kanaaf, ammayyummaan yakkamummaadha jedhu.Kun immoo sirna gadaa keessatti safartuu kamiinuu fudhatama hinqabu. Waa'een dhimma uffannaakun xiyyeffannoo argatee hinilaalamu taanaan, namni waa'ee safuu odeessuyyuu dhaloota fuula duraatti dhufan keessatti muraasachaa adeemuu danda'a.Kun immoo duudhaafi aadaan Oromoo inni ganamaa sun dagatamaa akka adeemu taasisa..

Akkumas, uffannaayeroo gara yerootti qaama namaa mul'isuun jijiiram mu hordofuu qaroomina waan isaanitti fakkaatuuf safuu Oromoon uffannaaf qabu irraan dhiibbaa geessisuun nimul'ata.Dhaloonni akkanaa kun yoo akka isaanii uffachuun baatte immoo kan yeroo waliin hindeemne yookaan haalli yeroo kan hingalleef siin jedhu jechuun ibsu. Haa ta'u malee, duudhaafi aadaa ofii osoo hincabsiin yeroo waliin deemuun gaariidha.

Yaadota armaan olii irraa kan hubatamu safuu uffannaayuumanni Oromoo magaalaa Amboo duraan qabu (tarii Oromoo godinaalee biroof dhugaa ta'uu mala) sababa hammayyummaan manca'uu bira darbee sadarkaa yaaddeessaa irra ga'uu isaati. Keessumaa safuu uffannaakun dargaggootaafi shamarran biratti uffanna kan ofii akka boodatti hafaattii ilaaluun kan hammayyaa'an fakkaachuuf kan ormaa osoo hiikkaa isaa, bu'aafi miidhaa isaa adda hinbaasiin waan yeroon fide ofitti fudhachuun uffachuun heedduummachaa jiraachuun isaa hubatameera. Uffannaan akkanaa kun shammaran bira darbee harmootiidaan uffatamuun isaa heedduummachaa jiraachuun ammoo hangam safuu uffannaayuumanni qabu irratti dhiibbaan akka ga'u nutti agarsiisa.Kun haala kanaan kan itti fufu yoo ta'e safuu uffannaayuumanni Oromo duraan qabu badaa adeemuudhaan safuu Oromoo ganamaa akka dagatamuun danda'u ga'uusaa nama hubachiisa.

Jijiiramni amma argamaa jiru kun ija yaaxina jijiiram hawaasaan yoo ilaalamu jijiiram gara hawaasa jirenya fooyya'aa qabuutti suuta suutan dhufaa kan adeemedha. Akka seenaan jedhutti dhalli namaa jirenya boodatti hafaa adamsaniifi ija mukaa funaananii jiraachuun irraa jijiiram hawaasaan qabu badaa adeemuudhaan safuu Oromoo ganamaa akka dagatamuun danda'u ga'uusaa nama hubachiisa.

akkaataa itti fayyadama duudhaa hawaasa tokkoo kan akka duudhaa, bu'aa aadaafi fakkoomii aadaa waan jirenya namaa keessatti ta'u kan akka jijiirama aartii, afaanii, teknoloojiifi falaasamaatti haaressuudha. Akka yaaxina jijiirama hawaasaa darbaa dabarsaatti jijiiramni hawaasummaa jijiirama gara hawaasa jirenya fooyya'aa qabuutti suuta suutaan dhufaa kan adeemudha. Akka yaaxina kanaatti jijiiramni hawaasaa kan dhufu dadarbinsa aadaa, duudhaa, uffannaa, gochaa, haala jiruufi jirenya hawaasa biraa irraa gara hawaasa kan biraatti jirenya guyyaa guyyaa keessatti dhufu irraa kan maddudha. Yaanni odeef kennitoonni kennanis yaaxina jijiirama hawaasaa kanaan kan wal qabatudha. Odeefkennitoonni akka jedhanitti duratti uffannaan baay'inaan hinjiru; haa ta'umalee, waanuma jiruun iddo safuu ofii ittiin dhokfatu; Amma garuu uffannaan jiraqaa ittiin qaama safuu isaanii agarsiisaa adeemu. Duratti uffanni ofii yoo cite hodhatanii qullaa ofii ittiin dhokfatu. Amma immoo galagaltoo isaa uffata ciccitaa uffachuun amaleeffanna ta'aa dhufeera jechuun ibsu. Kanaaf akka yaadota olitti ibsaman kanaatti jijiiramni hawaasa irratti mul'achuun safuu uummanni Oromoo kabaja namaafi uffannaaf qabu irratti dhiibbaa guddaa geessisee jira.

## 5. Argannoofi Yaboo

### 5.1. Cuunfaa

Ammayyummaafi safuun walitti dhufeenya qabu. Sababiin isaa ammayyummaan kan teekinoloojiifi saayinsii qofa osoo hintaane aadaa, duudhaafi safuu waliin wal qabata. hammayyummaa jechuun akka qorannoo kanaatti sadarkaa jirenya hawaasni amma keessa jiruufi booru itti jiraatu bu'a kalaqaa, siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa akkasumas, sababa kan biroo irraa maddeeti. Hammayyummaanakkuma bu'aa qabu miidhaas niqaba. Qorannoon kun miidhaa isaa qofa irratti xiyyeeffachuun kan geggemedha. Haaluma kanaan qaacceessa dhiibbaa hammayyummaan safuu uummanni Oromoo kabaja namaafi uffannaaf qabu irratti geessisu haala qabatamaa magaalaa Amboo kan jedhu kun qabxiilee akka kaayyootti qabatee ka'e bu'uureffachuun ragaalee funaanamee, erga xiinxalameen booda argannoowwan armaan gadii bira ga'ameera.

### 5.2. Argannoo

Xiinxala dhiibbaa hammayyummaan safuu uummanni Oromoo kabajanamaafi uffannaaf qabuurratti geessisu: Magaalaa Amboo irratti xiyyeeffachuun qorannoo geggeeffameen sababa hammayyummaatiin safuun Oromooon kabaja namaafi uffannaaf qabu haalaan gadi bu'aa adeemuun isaa kan mirkanaa'e yommuu ta'u, haluma kanaan qaaccessa ragaalee geggeeffame irratti hundaa'uudhaan, argannoowwan armaan gadii dhiyaatanii jiru. Safuun uummanni Oromoo kabaja maanguddoo /jaarsa/tii mataa harriif sababa maanguddummaa isaaniif addatti godhamuuf hojiirra oolaa kan tureefi yeroo ammaa kana dhiibbaa hammayyummaa irraan kan ka'e laafina kan qabudha. Sababni isas dhalooni yeroo ammaa ofiisaanii gadi of buusuudhaan maanguddootaaf dursa laachuun hammayyoomuu dhabuu yookiin duubatti hafummaa isaanitti fakkaata. Kanaafuu, kan ammayyooman ta'uudhaaf mirgaafi fedhiisaanii ofitti hir'isuu hinbarbaadan. Yeroo ammaa kana hiree ofii ofiin murteeffachuun qaroomina itti fakkaatee waa'ee koo kan anaaf ta'u anumatuu beeka jechuun maanguddoo gaafachuun yookiinn yaada isaanii fudhachuun hedduuminaan hir'achaa

dhufeera Kanaafuu, hammayyummaan safuu Oromoona kabaja maanguddootaaf qabu hir'isee jiraachuu isaa qorannoo kanaan bira gaa'ameera.

Safuun uummanni Oromoo kabaja maatiif qabu sababa hammayyummaatiin kan gadi bu'e ta'uunisaa adda baafameera. Sababni isaas sababa wal qixxummaatiin wal safeeffachuun abbaa manaafi haadha manaa gidduu jiruufi hangafaafi quxisuu gidduu jiru haalaan kan hir'ate ta'uu isaafi daangaa isaa kan eeggate akka hintaane ta'uu qorannoo kanaan bira gaa'ameera

Safuun uummanni Oromoo koorniyaaf qabu dhiibbaan irra ga'uu bira darbee wal safeeffachuun hafaa jiraachuu isaafi akkasumas dargaggoota biratti safuun koorniyaa heedduminaan gadibu'uun, aadaafi duudhaa ofii akka boodatti hafaatti ilaaluun kan ormaa ofitti fudhachuun walitti dhufeenza duudhaafi safuu Oromoo hineegne shaakaluun heedduummachaa jiraachuu isaa hubachuun dandaa'ameera

Dhaloonni yeroo ammaa safuu uummanni Oromoo uffannaaf qabu dhiibbaa hammayyummaa irraa kan ka'e baay'inaan cabsuudhaan uffannaas safuu uummata Oromoof hinmalle miira ofii dhaggeeffachuun haala uffannaas kan ormaa osoo bu'aafi miidhaa isaa hinhubatiin ofitti fudhachuun uffachaa kan jiranidha. Namoota heedduutti uffata guutuu ta'eefi kan qaama namaa dhoksu uffachuun duubatti hafummaa waan calaqqisiisu itti fakkaata. Kanaaf, kan hammayyooman yookiin qarooman ta'uudhaaf uffannaas yeroon jijiiramu kan haala adduunyaan itti fayyadamu ta'ee gabaa irra oolu hordofuudhaan uffachuutuu bay'inaan mul'achaa jira. Kun immoo aadaa, duudhaafi safuu uummatichi qabu irraan dhiibbaa geessisaa jiraachuu isaa qorannoo kanaan bira gaa'ameera.

### **5.3. Yaboo**

Safuu uummatni Oromoo qabu kun akka jiru kanatti yoo itti fufe haala salphaan waan baduuf hawaasni Oromoo hundi qooda isa irraa barbaadamu gumaachuu qaba. Kanaafuu, akka cimee kunuunfamuufi dagaagu gochuuf qorattooni argannoowwan dhiyaatan irratti hundaa'uun akka ammayyummaadhaan hinmancaaneef yaada furmaataa dagaagina safuu Oromootiif waantoota barbaachisoodha jedhaman akka armaan gadiitti kaa'ameera.

- ✓ Hammayyummaan miidhaa guddaa qaba. Kanaafuu,yommuu ammayyummaa ofitti fudhannu dursa faayidaafi miidhaa isaa adda baasuun barbaachisaadha.Kanas sirna gadaa iddootti deebisuun sirna gadaatiin hammayyummaa gulaallee kan gadaa keenya waliin deemu ossoo itti fayyadamuun danda'amee;

- ✓ Burqaan madda irratti boora'e hincaraa'uakkuma jedhamu ijoolleekkaa sirna gadaatti safuufi duudhaa barsiisnee guuddisuu qabna. Safuun mana keessaa waan jalqabamuuf maatiin ijoolleen isaanii akka safuu beekaniifi eegan waan hundumaan ilaalchaan, nyaataan, uuffannaan, dubbiin, adeemsaa isaaniin akka barataniifi itti jiraatan gochuun guddisuu akka dandaa'an waajjirri aadaafi tuuriziimii maatiif hubannoo ossoo laate;

- ✓ Mootummaanis lammii gaarii horachuu yoo barbaade, barattootni safuu uummanni Oromoo qabu osoo hindagatiin haala teekinoloojiji waliin deemuu akka dandaa'aniif wixinee barnootaa keessatti sirna gadaafi safuu Oromoo, qabiyyee sirna barnootaa keessatti akka hammatamu osoo godhee buqabeessa ta'a;
- ✓ Abbootiin gadaas ta'e namoonni dhimma safuu Oromoo irratti hubannoo qaban bakkeewwan carraa argatan maratti maalummaa safuu calaqqisiisuu irra darbanii osoo barsiisanii;
- ✓ Waajirri Aadaafi Tuuriziimii Magaalaa Amboo safuu Oromoo irratti hojjechuun, addadurummaan waan isaan ilaallatuuf hayyoota, abbootii gadaa, maanguddoota, manneen barnootaafi qaamolee gara garaa hirmaachisuun akkaataa safuun uummatichaa itti barsiifamuufi kunuunfamuu qabu irratti shoora isaanii bahanii;
- ✓ Hayyooniifi beektonni safuu uummanni Oromoo kabaja namaafi uffannaaf qabu fakkeenya taa'anii agarsiisuun cinaatti dhimma kana bal'inaan qorachuun dhaloota si'anaa kana akka jijiiraman gahee isannii osoo bahanii;
- ✓ Safuun kun bay'inaan badaa kan jiru magaalota keessaa waan ta'eef, safuu Oromoo kanaafi Oromoone akkamitti akka wal bulchaa ture barsiisuufi gola seenaa olkaa'uun barbaachisaadha. Kanaafuu, calaqqeent uummata Oromoo afoolaan darbaa dhufe kun barreffamaan osoo ol kaa'amee kaa'amuu qabu.
- ✓ Sirna uffannaaf keessatti maatiin uffannaaf safuu Oromoo waliin deemu uffachuun ijoollie isaniif fakkeenya ta'uu bira darbanii safuu uffannaaf Oromoone qabu barsiisuufi hubachiisuu qabu. Uffannaakanas hammayyeessuun barbaachisaa yoo ta'e akkaataa safuu Oromoo egeen ta'uu qaba.
- ✓ Safuu, aadaa, duudhaa ofii eeguun qaroomna/ hammayyummaan bakka walitti bu'u hinjiru. Keessattuu maanguddoorni nageenya buusu, aadaa barsiisuu, duudhaa qajeelchuu, hariiroo hawaasaa cimsuufi biyya eeguu keessatti gahee olaamaa qabu. Kaanaafuu, maatiin, manneen barnootaa, sabaa himaaleen...dhaloorni gahee mangoddotaa beekee kabaja barbaachisu akka kennuuf barsiisuu .

Walumaagalatti safuun uummanni Oromoo kabaja namaafi uffannaaf qabu hammayyummaan yookiin qaroominaan akka hinbanne taasisuun tumsa Oromoo hundaa waan barbaaduuf namni hundi jiruufi jirenya isaa yeroo gaggeeffatu haala safuu egeen jiraachuun irraa eegama.

## Wabiilee

- Abanyam, N. (2013). The Effects of Western Technology on African Cultural Values, OSR *Journal of Humanities and Social Science (IOSR-JHSS)*, Volume 8, Issue 4, (Mar. – Apr. 2013).
- Adeyi, E. (2015). Perspectives on the impact of modern society on the indigenous/traditional society of Nigeria. *Journal of Humanities and Social Science (IOSR-JHSS)*, Volume 20, Issue 4, pp. 7-74.
- Anele K.A .(1999).Social Change and Social Problems in Nigeria. Port Harcourt, Springhold.
- Asaffaa Jaalataa. (2007). Oromummaa: Oromo Culture, Identity & Nationalism. Atlanta:Oromia Publishing Company.
- Ashannaafi Laggasaa. (2019). Gadaa: Qaroomina Kuush: Finfinnee: Mana Maxxansa Girmaa.
- Bal, E. (2000). They Ask If We Eat Frogs: Social Boundaries Ethnic Categorization, and the Garo People of Bangladesh. Netherlands: Uitgeverij Eburon Press.
- Biqilaa Tufaa. (2016). Qaaccessa Safuufi Safeeffannaa Uummata Oromoo Godina Arsiifi

- Gujii Digrii Lammaffaa Guuttachuuf Yuunvarsitii Addis Ababaatiif Kan Dhiyaate(kan maxxanfamne)
- Bilisuma Chala. (2019). Xiinxala Safuu Uummanni Oromoo Namaaf Qabu: Godina Addaa Naannawaa Finfinnee, Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu irratti Kan Xiyeeffate Digirii Lammaffaa Guuttachuuf Yuunivarsitii Ambootiif Kan Dhiyaate (kan maxxanfamne)
- Charlton, B. and Peter A. (2003).The Modernization Imperative. Imprint Academic.
- Dafaa Jammoo. (1983). Safuu Biyya Keessaa. Addis Ababaa:AAU Press.
- Daniel C., (2014). Impact of Globalization on Socio-Cultural Development in Nigeria Developing Country Studies *www.siste.Org ISSN 2224-607X(Paper) ISSN 2225-0565 (Online)* Vol.4, No.17,
- Dare A., (2010). The Effects of Western Civilization and Culture on Africa Afro Asian *Journal of Social Sciences* Volume1, No. 1 Quarter IV 2010 Issn 2229 – 5313
- Dirribaa Tarrafaafi Kawwan .(2010).Wiirtuu. Jildii 12 Barruulee Waaltina Afaan Oromoo: Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyyaa.
- Dirribii Damisee .(2016). Ilaalcha Oromoo. Finfinnee: D.G. Printing and Publishing Enterprise.
- Divale W. and Seda A. (2001). Modernization as Changes in Cultural Complexity: New Cross-Cultural Measurements, City University of New York *Cross-Cultural Research*, Vol. 35 No. 2, May 2001 127-15 Sage Publications, Inc.
- Dula Kafana, Dereje Gemedu and Wondachew Mitiku. (2018). Impact Analysis Of Globalization On Oromo Culture The Case Of Western Oromia.*International Journalof Multidisciplianry Educational Research* Vol.7.Issue 5(4) P. 218-234. Andra Pradesh India: Sucharitha Publicsations
- Ekpenyong Stephen. (1993).Elements of Sociology. Lagos, African Heritage Research &Publication.
- Feldman,Arnold S.and Christopher Hurn.(1966).The Experience of Modernization. University Of California, Berkeley. Sociometry 29 (4): 378-395.
- Finnegan, R., (1970). Oral Literature in Africa. Oxford: Oxford University Press
- Gemechu Megersa. (1996).Oromummaa:Tradition,Consciousness and Identity in Being and Becoming Oromo: Historical and Anthropological Enquiries. USA: Red Sea Press Pp.92-103
- Hanafi H. (2005). Tradition and Modernism between Continuity and Discontinuity: Possible Models and Historical Options [Article], *Asian Journal of Social Science*.
- Iyyasuu Dhinaafi Abarraa Taaddasaa.(2009). Dhanga Irreechaa: Kan Hin Maxxanfamne.
- Kidaanuu Zallaqaa. (2016). Safuufi Aadaa. Finfinnee: Mana Maxxansaa Saglii.
- Lebron, A, . (2013). What is Culture? *Merit Research Journals*, Vol.1(6)pp126-132,[www.meritresearchjournals.org/er/index.htm](http://www.meritresearchjournals.org/er/index.htm).
- Maammoo Gadaa.(2018). Duudhaa Oromoo.Finfinnee: MYBT Printing Press.
- Muhammad Sh, Muhammad N, Fatima4, Sh Hussain, A, . (2015). Impact of Modernization and Changing Traditional Values of Rural Setup in District Khushab the Explorer Islamabad: *Journal Of Social Sciences* ISSN: 2411-0132(E), 2411-5487(P) Vol-1,Issue (10):394-397 [www.Theexplorerpak.OrgPress](http://www.Theexplorerpak.OrgPress).
- Yenalem Araddoo. (2001). Qo'anno Uffataafi faaya Dubartoota Arsii Aanaalee Kokosaafi Gadab Asaasaa. *Wiirtuu, Jildii 9, Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo*.
- Tasammaa Ta'a. (1980). "The Oromo of Wollega: A Historical Survey to 1910".Unpublished M.A Thesis. Ethiopia: Addis Ababa University.
- Tilahun Gemta. (1989). Oromo-English Dictionary. Research Publication Committee, Addis Ababa Addis Ababa University Press.
- Wachege P., (2017). Effects of Modernization on Youths' Morality: A Case of Karuri Catholic Parish, Kenya. *International Journal of Academic Research in Business and Social Sciences*, Vol. 7, No. 12 ISSN: 2222-6990;Ndoi: 10.6007/IJARBSS/V7-

I12/3704 URL: [Http://Dx.Doi.Org/10.6007/IJARBSS/V7-I12/3704](http://dx.doi.org/10.6007/IJARBSS/V7-I12/3704)

WADO. (2006). Daniyaa. Finfinee:WADO.

Wahab E., Odunsi S., And Ajiboye O, . (2012). Causes and Consequences of Rapid Erosion of Cultural Values in a Traditional African SocietyHindawi Publishing Corporation

Journal of Anthropology Volume 2012, ID 327061, 7 Pages Doi:10.1155/2012/327061

Wandimmuu Nagaashi and Boonii Tasfaayee. (2015). Seenaafi Sirna Gadaa Oromoo Maccaa

Hanga Jalqaba Jaarrea 20ffaatti. Biirroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa: Bole Printing Enterprise

Warquu Dachaasaa. (2006)Sona Aadaa Tursuuf. Wiirtuu. Jildii 11, Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo.